# *GEGGEESSAA TOKKO*

Obboleessa Neeviil, Gooftaan si haa eebbisu.

Galgala kana gara waldaatti deebi'uu kootti baay'ee gammadeera. Sagaleen koo xiqqoo qabameera. Ganama kanaa Ergaan dheeraa ta'us, as waanan tureef, dhugaa dha Itti eebbifameera. Ani Isa fiduu kootti, ofii koo Isatti eebbifameera, isinis Isatii akka eebbifamtan abdii qaba. [Gumiin, "Ameen" jedha.—Gulaalaa.]

2 Tajaajilaan Kiristoos kan ijaaramu, isaan kanaan ta'uu isaa hin dagatinaa, yeroo hunda kana yaadadhaa. Argitanii, jalqaba amantii, sana booda gaarummaa dha. Ammas yaadadhaa, hanga wantoonni kun Hafuura Qulqulluun hojjetamanitti Hafuurri Qulqulluun walitti qabaa mataa waldaa Waaqayyoo hin ta'u. Waan fedhe yoo gootan homaa miti, argitanii. Wantoonni Qaama Kiristoos ijaaran isaan kana, argitanii, wantoota kana. Amma, *asitti* kan dursu, amantii keessan akka ta'e, sana hin dagatinaa. hanga Kiristoos mudaa hin qabne mul'atutti, gaarummaa, beekkumsa, fi kkf, itti dabalamuu qabu, achii Hafuurri Qulqulluun irratti dhufee Qaama tokko godhee chaappessa. Wantoonni kun ta'uu qabu. Kanaafuu, Yesus, "Egaa ija hojii isaaniitiin beektu" jedhe. Argitanii, ija hojii! Wantoota kana of keessaa yoo hin qabne ija godhachuu hin dandeessan. Sana booda Waaqayyoon sodaachuu dhiisuu fi—fi kkf, addunyummaan kun hundinuu yeroo bakka qabatu, amantii dhabuun hundi ni bada, sana booda wantoonni addunyaa kun hundi ni darba, sana booda dhaloota haaraa Kiristoos malee homtuu hin jiraatu. Sana booda Efesoon 4:30 akkas jedha, "Hafuura Waaqayyoo isa Qulqulluu, isa guyyaa fayyinaatiif ittiin mallatteeffamtan hin gaddisiisinaa." Amma Mootummaa Waaqayyoof chaappeffamtaniittu! Amma, sana hin dagatinaa. Sana yaadadhaa, wantoota *kana* dursaa. Sana booda Qaamicha wajjin kan nu Chaaphessu, chaaphichi Hafuura Qulqulluu dha. Tole.

3 Amma Obboleettii Liitil, Chikaagoo jiraattuuf, gaaffii—gaafanneerra, Obboleettii Liitil, abbaa manaa ishee balaan konkolaataa waan mudateef afaan du'aa irra jira. obboleettii keenya xiqqoon asitti yeroo dheeraa kan beeknu, Ediiz Raayit, har'a galgala, mana isheetti, haala baay'ee baay'ee hamaa keessa jirti, kanaaf hundi keenya gaaffii kanaaf waliin akka kadhannuuf isaanis waldaatti beeksisuu barbaadaniiru. Amma yeroo muraasa mataa keenya gadi haa qabannu.

4 Abbaa keenya, jaallatamaa Waaqa irraa, naannoo Teessoo Waaqayyootti (amantiidhaan) walitti qabamaa jirra, gaaffiiwwan kanaaf araara Waaqummaa gaafachaa jirra.

Obboleessi Liitil, balaa konkolaataatiin, afaan du'aa irra jira. Yaa Waaqayyo, isa gargaari. Gooftaa, Hafuurri Qulqulluun naannoo siree isaa ta'ee gara keenyatti isa haa deebisu. Eediz Raayit xiqqoon immoo achi jirti, Yaa Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun naannoo siree ishee ta'ee fayyina ishee iddootti akka deebisuuf, nan kadhadha. Taasisi, yaa Abbaa. Ati wantoota kana waadaa galteetta, nuti isaan ni amanna. Ganama kanas akkuma yaadaa turre, Siif fageenyi sun homaa miti, Akkuma kutaa addunyaa biraa Ati guddaa dha, sababni isaas Ati bakka hundumaatti kan argamtu, hunda kan dandeessu, dhuma kan hin qabne dha. Yaa Abbaa, gaaffiiwwan kana hunda Maqaa Yesus Kiristoosiin akka Ati nuuf kennitu, ni kadhanna. Ameen.

5 Galgala kana asitti argamuu kootti baay'een gammada, garuu. . . Akka ho'aa jiru beeka. Isaan kun walga'ii walitti fufaa sadii dha, innis. . . Garii keessan ammaa fi ganama gidduu oofuudhaaf hanga maayilii dhibba shan akka isin eeggatu nan beeka. Boru irraa eegalee, ani sana booda dhibba kudha afur oofuun qaba. Kanaaf, ani—hunda keessaniif yeroo guddaa akka ture nan amana. Isin wajjin daawwachuuf yeroo gaarii ture. Wanti nuti gaafanne waan tokko qofa, kanaaf baay'een deebi'uu qabu sababni isaas kutaan waan hin jirreef, karaa darbiinsaa humnaa ol dhiphisuu hin dandeenyu, kutaan balaa ibiddaa sanaaf hin dhaabbatu. Kanaaf amma waldaa sanarra xiqqoo guddaa kan ta'e argachuuf yaalaa jirra, kanaaf yeroo gallu, kutaalee teessumaa akka qabaannuufi.

6 Ammas, yeroo kamiyyuu, gara waldaa keessanii dhufuu dandeessu, Beeksisa amantii hin qabnu garuu Kiristoosiin qabna, seera hin qabnu garuu jaalala qabna, kitaaba hin qabnu garuu Macaafa Qulqulluuqabna. Kanaaf. . . Asitti paastariin keenya Obboleessa Ormaan Neevil dha. Namoonni baay'een asitti bakka walitti qabaman dhaabbata amantii gidduutti—gumii godoo qulqullaa'aa qabna, akkaataa qalbiin keessan eeyyametti bakka isin dhuftanii Waaqayyoon waaqeffattani. Isin qabaachutti gammanna. Kanaaf yoo dandeessan koottaa, nuti isin simachuutti yeroo hunda ni gammanna.

7 Ammas yeroo itti aanutti, hamman beekutti, isin wajjin kanan ta'u, waldaan erga xumuramee booda ta'a. Anis achii, *Baroota Waldaa* booda, gara *Chaappaawwan* dhumaa torban sanaatti deemuun barbaada, *Chaappaawwan* dhumaa torban Macaafa Mul'ataa keessaa, Sanan barsiisa.

8 Dhukkubsattoonni fi namoonni dhiphatan ammas yeroo baay'ee dhufu, walga'iiwwan kana irratti, bakka mul'anni barbaachisetti, gaaffii afaanii adda ta'eef dhufu. Achi keessa yoon seenu, sana booda ani—garaagarummaa gidduu isaanii jiru argachuu hin dandeenye, fi, hin ta'us, dubbachuun natti ulfaata. Namni hundi beeka duula fayyinaa keenya keessatti, Obbo Baakistar ykn namni biraa yeroo hunda akka lallabu, ani nama dhukkubsatuuf kadhachuufan ba'a, inni xiqqoo

waan ulfaatuufi. Namoota tokko tokkoof yeroo muraasa dura kadhachaafiin ture, waa'ee isaa doktoroonni kan dubbatan mucaa xiqqaa tokkon arge . . . dugda isaa irratti, wanti ta'e uumame. Gadi yoon ba'u, waltajjii gidduu taa'ee isa arge. Mucichi gonkumaa qaama miidhamaa akkasii ta'uu hin qabu, fayyuuf jira. Mirkanaa'aa dha, akkasi, argitanii. Sanuma, sana nan beeka. Argitanii, ani sanaaf qajeelaa dha. Amantii qabaachuu fi Waaqayyootti amanuu kanaaf barbaanna.

9 Tokko tokkoon keessan, tajaajiltoota hundaa fi kkf, akkasumas baay'een keessan anaaf keessummoota. Yoon dogoggoruu baadhe, kun Obboleessa Kirees dha. Sirrii dhaa? Murteeffannaa sanarra waanan hin geenyeef, Obboleessa Kirees, ani—dhiifaman gaafadha. Tarii walga'ii xumura torbee irratti nan qaqqaba ta'a, qofa nagaa ta'i. Sirrii dhaa? Achi Biluumingitanitti. Nagaa keetii? Tole. Obboloonni kun hedduun tajaajiltoota, jedheen yaada. Ati tajaajilaa dhaa? Eeyyee, fira koo. Gooftaan si haa eebbisu. Tajaajiltoota meeqatu gamoo keessa jirtu, mee harka keessan haa ilaallu. Tole, sun gaariidha. Asitti isin argachuu keenyatti, baayyee gammanneerra. Waaqayyo yoomiyyuu isin haa eebbisu!

10 Amma, yeroodhaan ba'uu akka dandeenyuuf, isaan keessaa kaan gara Joorjiyaa, gara Teenasii deemu, Gara Niwu Yoork, bakka hunda, galgala irraa eegalanii, deemu. Amma, karaa irratti of eeggachaa oofaa. Hirribni yoo isin qabe, konkolaataa bakka dhaaban dhaquu isin hin gaafatu, karaa irraa goraatii hanga isin ga'u rafaa . . . Ani akkasin godha. Argitanii, karaa irraa ba'aatii rafaa. Gonkumaa, hirriibni isin qabnaan hin oofinaa. Inni hamaa dha. Ammas, yaadadhaa, of miti, kan ilaaluu qabdan hiriyaa keessan isin cina jiru. Argitanii? Isin eessa akka deemtan beektu, inni eessa akka deemu hin beektan, kanaaf—kanaaf nama sana ilaaluu qabdu. Kanaaf, isa ilaaluuf, yeroo hunda dammaqaa ta'uu keessan mirkaneessaa.

11 Amma, galgala kana Caaffata Qulqullaa'aa keessaa kutaa Macaafa Qulqulluu Yohaannis keessatti argamu dubbisuun barbaada. Amma, kan dubbifnuu fi ilaallu Caaffanni Qulqulluun, waan dubbannu waan bu'uuraa akka nuuf kennaniifi. Yeroo hunda, ani gonkumaa yeroo tokkollee yoo ta'e, akkan yaadadhutti, gara iddoo aarsaatti yeroon dhufu, waan tokko waanan dubachuu qabuuf qofa dubbadhee hin beeku. Namoota wanti gargaaru tokko akka jiru hanga natti dhaga'ametti yeroo hunda eeguuf, ilaaluuf, dubbisuuf, kadhachuuf, nan yaala. Ani gargaaruu hin danda'u yoo ta'e, as dhaabbachuun narraa hin eegamu, argitanii. Eyyee, gargaaruufan yaala! Akkasumas amma galgala kana, dhuguma, baay'een saba keenyaa ganamaan ka'eera, baay'een isaanii immoo, mana deemuu qabu turan. Garuu, galgala kana, yoo turtan nu fayyada jedhee waanan abdadhu daqiiqaa-afurtamii-shan yoon dubbadhe wanti tokko akka nu fayyadu

abdiin qaba. Qulqulluu Yohaannis, boqonnaa 16ffaa irratti bu'uura godhanna, mee boqonnaa—16ffaa lakkoofsa 7ffaa irraa jalqabnee, hamma—lakkoofsa 15tti dubbifna.

> *Dhuguman isiniitti hima; Ani yoon deeme isiniif wayya: Ani yoon adeemuu dhaabaadhe, inni isin Jajjabeessu gara keessan hin dhufu; Ani yoon deeme garuu, Ani isa isiniifan erga.*
>
> *Inni yommuu dhufu, waa'ee cubbuu, waa'ee qulqullummaa, waa'ee firdiis biyya lafaa in hubachiisa:*
>
> *Sababa cubbuutiin, waan anatti hin amanneefi;*
>
> *Ani gara Abbaa dhaquu kootiin,* isinis *na arguu dhabuudhaan, qajeelummaa koo in agarsiisa;*
>
> *Isa biyya lafaa kan abboomutti faradamuu isaatiin, firdii in agarsiisa.*
>
> *Ani ammayyuu waanan isinitti himu waan baay'een qaba, garuu amma baachuu hin dandeessan.*
>
> *Hafuurri dhugaa sun, yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti, isin in geessa: inni garuu waan dhaga'u, dubbata malee; of keessaa fuudhee hin dubbatu: akkasumas waan dhufuuf jirus isinitti in mul'isa.*
>
> *Dubbii koo keessaa fuudhee,* waan *isinitti* mul'isuuf*: inni anaaf, ulfina kenna.*
>
> *Waan Abbaan qabu hundinuu* kan*—koo ti: kanaafan inni dubbii keessaa fuudhee isinitti in mul'isa, jedhee isitti dubbadhe, jedhe.*

12 Amma lakkoofsa 13 kana irratti. "Garuu yommuu Hafuurri Dhugaan sun dhufu, Inni gara Dhugaa hundumaatti isin geessa. Hafuurri Dhugaan sun yommuu dhufu, Inni gara Dhugaa hundumaatti isin geessa." Dhugichi maali? Sagalicha. "Inni ni dubbata, Inni kan ofii Isaa hin dubbatu; garuu Inni waan dhaga'e, Inni ni dubbata. Inni waan dhaga'e, Inni ni dubbata." Karaa biraa, Inni wanta sana mul'isu sun Tokko dha, argitanii. Ibroota boqonnaa 4 irratti, Macaafni Qulqulluun akkas jedha "Dubbiin Waaqayyoo qara qabeessa, billaa qara-lama qabu caalaa kan humna qabu dha, a—a yaada garaa, onnee Qoree ilaala" jedha. Argitanii, "Inni waan dhaga'e, Inni ni dubbata, Inni waan dhufuuf jiru hima." Argitanii? Maaltu akkas godhaa? Hafuura Qulqulluu Isa Maqaa Gooftaa Yesusiin dhufu.

13 Xiyyeeffannoo keessan argachuuf daqiiqaawwan muraasa dubbicha irratti "geggeessaa," *Geggeessaa Tokko* kan jedhu fudhuun barbaada. Beektuu, muuxannoo xiqqoo bosona keessatti nan qaba. Geggeessaa tokko, nama naannoo isinitti agarsiisu tokko. Bakka deemtan hin beektan yoo ta'e geggeessaa tokko qabaachuu qabdu. Adamoo, fi addunyaa naannoo jiru wajjin wal baruu koottii, geggeessitoota wajjin carraa

wal—arguu argadheera. Koloraadoo keessattis, ofii koo, ani geggeessaa dha, sababa hormaata, fi kkf, biyya beekuun, Koloraadoo keessatti geggeessuu nan danda'a.

14 Amma, geggeessaan tokko karicha beekuu qaba. Inni eessa akka deemuu fi maal akka hojjetu, karaa irratti akkamii akka isin kunuunsu beekuu qaba. Argitanii? Inni akka isin baddanii hin argamne ilaaluu qaba. Geggeessaan tokko nama filatame dha. Inni geggeessaa yoo ta'e, mootummaan nama kana filata. Akkasumas, amma, gara lafa onaatti deemsa yoo gootan, tarii isin deemtanii kan hin beekne, geggeessaa tokko malee deemuun gaarii miti. Dhugaa dubbachuuf, bakka tokko tokko geggeessaa malee deemuu hin dandeessan, fakkeenyaaf, Kaanaadaa. Gaggeessichi—fedhii keessan taphicha kan eeguuf mallatteessuu qaba. Inni ofii isaa mallatteessuu qaba, inni isiniif itti gaafatama. Wanti tokko yoo isin irra ga'e, itti gaafatamaa dha. Inni isin kunuunsuu qaba. Akka isin hin banne ilaaluu danda'uu qaba. Inni karaa ittiin deebitan bakka hin beeknetti akka isin hin ergine mirkaneeffachuu qaba. Akkasumas yoo isin jalaa baddan, inni biyya sirriitti waan beekuuf yeroo kamiyyuu isin fudhachuu danda'a. Inni wantoota kana hunda beekuu qaba ykn ta'uu baannan, inni geggeessaa ta'uu hin danda'u.

15 Waantota kanaaf, yeroo tokko tokko beellama qabachuu qabdu, dursitanii bilbiltanii akkasuma qophii gochuudhaan, bakka qabachuu qabdu. Isin . . . Yeroo tokko tokko bakki guutee yoo isin fudhachuu hin dandeenye, yeroo muraasaaf beellama dheeressuu qabdu, geggeessaa—kan lafaa wajjin. Gonkumaa isin Geggeessaa Waaqayyoo wajjin sana gochuu hin qabdan, Inni yeroo hunda qophaa'aa dha, yeroo hunda qophaa'aa dha.

16 Amma, qophiiwwan kana gochuu yoo baattan, akkasumas isin kanaan dura karaa lafa onaa kan hin beekne keessa deemuu yoo kan yaaddan ta'e, isin baddanii argamuu, ykn baduus dandeessu. Lafa onaa keessaa ba'uuf carraa dhibba keessaa tokko qabdu, jechuun, baay'ee yoo cuccufamuu baate, ofii keessanii ba'uuf dhibba keessaa harka tokko carraa qabdu. Garuu inni lafa onaa badaa yoo ta'e, duubatti deebi'uuf, isin carraa hin qabdan. Kana kan ittiin gootan carraan hin qabdan, sababni isaa daandii du'aa irratti of argitu, kana booda isin—xumurtaniittu, raawwattaniittu. Amma, geggeessaa biyya beekuu fi akkamitti akka deebitan kan beeku yoo qabaachuu baattan ni baddu.

17 Baay'een keessan barruu bara darbe Tuuksan, Arizoonaa, keessatti dubbiftan Iskaawutoota Dhiiraa ni yaadattu ta'a. Ta'us, akkamitti akka of kunuunsuu akka qaban kan leenji'an, iskaawutoota turan. Isaanis Iskaawutota Daa'imman osoo hin taane, iskaawutoota guutuu turan. Akkasumas isaan gara tulluutti imalan, akkasumas obonboleettii cabbiitu dhufe, uumamni haala isaa jijjiire. Yeroo hundumtuu karaa dogoggoranii akkasumas badanii of argan, sababni isaas. . .

waan barame irraa, wanti adda ta'e yoo dhufe, akkamitti akka ba'uu qaban isaan hin beekan turan. Argitanii? Akkasumas ijoolleen meeqa tulluu irratti akka badan ani hin yaadadhu, isaan helikooptaroota, Milishaa, Eegdota Biyyaa, deggarsa tola ooltota, fi waan hunda qabu turan. Garuu isaan badaniiru, eessa akka jiran eenyu iyyuu hin beeku. Isaan ofii isaanii baa'uu hin dandeenye. Isaan hunduu cabbii keessatti badaniiru sababni isaas isaan gara dhi'aa, gara kaabaa, gara lixaa ykn gara kibbaa, ol ykn gadi, ta'uu waan hin beekneef, wanti hundinuu wal itti fakkaata ture.

18 Amma, haalli qilleensaa maal iyyuu ta'u, geggeessaan eessa akka jiru beeka. Inni—sana gochuuf hidhateera. Inni waan godhu beeka. Inni waan hundumaa muuxannoo qaba. Wanti hundi maal akka fakkaatu beeka, kanaaf inni dukkana keessa illee ta'u wanti tokko itti dhaga'amuu danda'a.

19 Fakkeenyaaf, tooftaa geggeessaa tokkoo kan ture wanti tokko jira. Beektuu, urjii ilaaluu yoo dandeessan, urjiiwwan yoo ilaaltan namni kamuu karaa kam akka deemtu isinitti himuu danda'a. Isin yeroo hunda urjii isa dhugaa tokko ilaaluu barbaaddu. Urjii dhugaa tokko qofatu jira, sunis Urjii Kaabaa ti. Argitanii, tokko qofa, inni bakka wal fakkaataa dhaabbateera. Sun kan bakka bu'u, kaleessa, har'a, bara baraanis sanuma kan ta'e Kiristoosii dha. Warri kaan jijjiiramuu danda'u, garuu Inni sanuma. Waldoonni karaa *kana* isin baasuu danda'u, ykn gariin karaa *sana* isin baasuu danda'u; garuu Inni akkas miti, Inni yeroo hunda sanuma.

20 Tole, amma, Urjii Kaabaa arguu yoo dadhabdan, yoo duumessa ta'e, yoo hin hubanne ta'e, guyyaa ta'ee yoo isin jalaa bade, mukoota ilaaltu yoo ta'e. Mukoonni yeroo hunda, aarriin kan itti baay'atu karaa kaabaaa dha, mukni karaa kaabaa irra karaa kibbatiin caalaatti aduu waan argatuufi dha. Garuu dukkana ta'ee aarrii dhagichaa yoo arguu dadhabdani hoo? Ija keessan cuffadhaa yaaduu yaaluu dhiisaa, ija keessan cufadhaa muka-lalisaa qabadhaa, quboonni keessan hanga wal qabatanitti harka keessan naannessaa mukichaa kaa'aa, sana booda naannoo mukaa suuta socho'uu yaalaa. Yommuu bakka qola isaa dhuguma furdaa ta'e, yoo cabee argitan, sun (bubbee) karaa kaabaa ti, isin gara kaabaa ykn kibba gara kamitti akka deemtan, himuu dandeessu. Karaa sanaan, oo, wantoota baay'etu jira, garuu qajeelfamoota barbaada akkamitti wantoota kana akka hojjennu. Namni idilee tokko achii ka'ee akkas jedha, "Garaagarummaan tokkollee natti hin dhaga'amu." Argitanii? Argitanii, geggeessummaa sanaaf leenji'uu qabdu.

21 Akkasumas ijoollen kun, shakkii tokko malee iskaawutota gaarii dha, tarii karavaatii hidhachuu danda'u ta'a, isaan tarii dhakaa fayyadamanii ibidda uumuu danda'u ta'a, fi kkf. Garuu karaa ba'insa keessan beekuun, sun waan sirrii dha! Isaan, karaa

ba'an hin beekani ture, kanaaf hundi isaanii badaniiru sababa geggeessaa isaan wajjin deemu hin fudhanneefi dha.

22 Waggoota lama dura, abbaan hin yaadamne tokko, Koloraadoo keessatti, oo, inni tulluu yaabbachaa ture, inni mucaa waggaa ja'aa, ykn waggaa torbaa qaba ture. Bosonuu adamsuuf yeroo jalqabaaf deemee ture. Kanaaf isaan gara tulluutti ol ba'an, mucaan xiqqoon abbaa isaatin akkas jedhe, "Ani dadhabeera."

23 "Dugda koo irratti ba'i. Ammallee gubbaatti ol hin baane, bosonuuwwan gubbaarra jiru." Namichi hanga ta'etti itti fufe. . .Inni nama magaalaa waan ta'eef, inni hin beeku ture. Inni akkamitti akka adamsu ykn eessa akka deemu homaa hin beeku ture. Namni kamiyyuu waa'ee lafa onaa kan beeku bosonuun akka tulluu gubbaa hin jiraanne beeka. Isaan bakka ol jedhaa sana hin baane. Re'oonni ol ba'u, bosonun ol hin ba'u. Isaan bakka nyaachuu danda'anitti gadi jedhanii, bakka wanti nyaatamu jiru tokko dhaquu qabu. Kanaaf, garuu, namichi kun, "Dhagaa gidduu yoon ol ba'e, kormaa bosonuu guddaan argadha" jedhee yaade. Tulluu irra dhaabbatanii tokko tokko yoo fakkii kaasan—argee ture, kanaaf inni bakka sanatti nan argadha jedhee yaade. Waan warri barruulee dubbisiisaniif xiyyeeffannaa hin kenninaa, maay, oo, maay, akka abjuu isin raatessa! Sun, wanti isin gootan waan tokko qofa, geggeessaa argachuu, eessa akka jirtan kan beektan yeroo sana.

24 Abbaan sun, tokkichumaan bokkaan hamaan itti dhufe, bokkaa keessaa kan baay'ee ariifatu itti dhufe. Namichi kan adamse baay'ee turee ti, hanga dukkanaa'utti duuba deebi'uuf karaa argachuu hin dandeenye. sana booda . . . tulluuwwan irraa bubbeen dhufe, akkasuma inni ofii isaa ariitiidhaan deema, sunis akkasuma . . .

25 Yoo qabamtan, akkamitti akka ooltan beekuu qabdu. Wanti biraas jira, akkamitti akka ooltan beekaa! Ani lubbuun jiraachuuf muka irratti ol ba'ee, muka irraa immoo asii gadi gadi sigiggaadheera, asii olii fi asii gadi, ani akkas godheera. Cabbiin cina hundatti kophee afur hanga ga'utti qaqqabeera, gufuu falaxeen lafa kakaa'e. Baay'ee waanan beela'eef immoo dandamachuu hin dandeenye. Gufuuwwan turan kana falaxee, akkasumas bobeessee ho'iseen cabbiin akka baqu godhe. Sana booda ganama keessaa sa'a tokkotti, ykn sa'a lamatti, jireenyaan turuuf, gufuuwwan kaaseen, akkasumas lafa ho'aa sana irran ciise. Wantoota kanas akkamitti akka gootan beekuu qabdu.

26 Akkasuma namichi kun maal akka godhu hin beeku ture, inni nama isa geggeessu hin qabu ture. Innia mucaa isaa isa xiqqoo qorree hamma du'utti jilba isaa irra kaa'ee ture. Waan hin yaadamne! Inni geggeessa isaa osoo fudhatee, yeroon isaa maalumaa yoo ta'e iyyuu inni tulluu irraa dafee isa deebisuu

danda'a ture, argitanii. Garuu inni hanga dukkanaa'utti eege, naannoo karaa arguu hin dandeenye.

27 Har'as rakkoon Kiristaanota irra jiru kanuma. Isaan hamma dukkanni qubatutti eegu, sana booda Geggeessaa malee akka baa'an beeku. Geggeessaa!

28 Maaliif, nama badee ture argitanii beektuu? Nama bade fiduudhaan namni muuxannoo qabu jiraa? Waan hunda caala nama gaddisiisa yoo argitan. Namni yeroo badu, bosona deema. Inni waan hojjetu hin beeku. Achitti, mucaa dhiiraa tokko, bosona keessatti badee ture argine, akkasumas inni kan yaade. . . Inni hojii horsiisaa hojjeta ture, garuu naannoo hin beekne galee achuman bade, karaa faallaa deeme. Guyyaa sadii booda yeroo isa argan, inni akka nama bosonaatti fiigaa, sagalee isaa ol kaasee iyyaa ture. Hidhiin isaa nyatameera, qawwee isaas achi darbatee ture akkasumas waan gochuu qabu hin beeku ture. Akkasumas obboleessi isaa, yeroo isa . . . Qabuu fi hidhuun irra jirutti. Yeroo obboleessi isaa gara isaa dhufu, inni akka bineensatti isa loluu, isa ciniinuus yaale, eesa akka jiru hin beeku ture. Maaliif? Inni badeera. Namni yoo bade, inni haala bitaa itti galu keessa ta'a. Innis haala akkasii keessa akka jiru hin beeku, sababni isaas baduun isa dhagna gubaa itti lakkisa, innis eessa akka jiruu fi maal akka godhu hin beeku.

29 Kanaafuu namni Waaqayyoo irraa yeroo badu akkanuma! Inni wantoota kana dura hin hojjenne hojjeta. Wantoonni inni hojjetu—sunis yaadota ilma namaatiin ol kan ta'e dha. Nama Waaqayyoo irraa bade, waldaa Waaqayyoo irraa badde, waldaan Waaqayyoo irraa fagaatte, qajeelfamoota Macaafa Qulqulluu Waaqayyoo irraa kan fagaatte dha, yeroo tokko tokko waldaan Waaqayyoo jiraataa kan keessatti argamu jettanii eegdan waan isin hin yaadin hojjetu. Maallaqa isaanii taphoota buunkoo, lootarii taphachuun, qumaaraan, waan gochuu danda'an hundaan ni argatu. Isaan waan hunda barsiisu, waan hunda akka ta'u eeyyamu, waldaa keessatti maallaqa guddaa kan kaffalu yoo ta'e dugda qaqqabatu, fi kkf waan akkasii, wantoota akkasii hojjetu. Sirrii dha. Diyaaqonoota boordiif kan muudan yeroo afur ykn shan namoota fuudhanii dha, achiin akka isaaniif darbu, jireenya isaanii guuttachuufi dha. Wanti guuttachuu qabdan tokko qofa, kunis, dirqama Waaqayyoof qabdani dha. Dhaabbadhaa Dhugaa dubbadhaa! Kan bade, namni bade haala bitaa gale keessa gala, inni nama maraate dha.

30 Geggeessaan akkamitti akka deemu fi maal akka godhu, hubannaa qaba. Waaqayyo. . . Waaqayyo yeroo hunda, saba Isaaf geggeessaa erga. Waaqayyo gonkumaa dogoggoree hin beeku. Inni gdeggeessaa erga, garuu isin geggeessaa sana simachuu qabdu. Argitanii? Isin isa amanuu qabdu. Karaa inni jedhe deemuu qabdu. Isin lafa onaa keessa yoo galtan, geggeessan keessanis akkas yoo jedhe "Nuti karaa *kana*

deemna," garuu karaa *sana* deemuu yoo isinitti fakkaate, Isin yeroo sana achumaan baddu. Sana booda isin. . . Waaqayyo geggeessaa nu geggeessu erga, nuti gaggeessaa sana hordofuu qabna. Maal iyyuu yoo yaanne, sababa nutti fakkaatee waan nama kofalchiisu yoo fakkaates, nuyi sana kan hirru miti, geggeessichi tokko qofa.

31 Waaqayyo, Kakuu Moofaa keessatti, raajota erge. Dubbiin Gooftaa gara raajotaa waan dhufaa tureef, isaan geggeessitoota turan. Isaan geggeessitoota turan. Isaan saba barsiisan akkuma galgala darbe jenne, Isaayyaasii fi Ooziyaa. Isaan kan baran turan, isaanis saba barsiisuudhaan isaan gegeessaniiru. Ammas Waaqayyo yeroo hundumaa geggeessitoota Isaa erga, Inni Baroota hundatti, geggeessaa dhabee hin beeku. Waaqayyo yeroo hundumaa baroota hundatti biyya lafaa irratti, qaama Isa bakka bu'u qaba ture.

32 Amma, altokko tokko geggessaa malee ba'u, "karaa dogoggoraa," jennee waamna. Yeroo Yesus lafa irra ture, Yesus Farisootaan waan jedhe hin yaadattanii, "Isin geggeessitoota jaamota nanaa"? Geggeessitoota jamaa, waan hafuuraatti jaamaa. Argitanii? Amma, isaan geggeessitoota ta'uu qabu ture, geggeessitoota sabaa, sabicha gara fayyinaatti kan geggeessan. Garuu Yesus, "Isin jaama dha" jedhe! Inni akkas jedheen, "Isaan dhiisaa, jaaman yoo jaamaa geggeesse, isaan lachuu boolla keessa hin bu'anii?" Geggeessitoota jaamaa! Oo, biyyi lafaa akkamitti akka isaan xuroofte, geggeessummaa jaamaa. Inni hubannaa keetti akka hirkattu hin barbaadu. Waaqayyo hubannaa ofii keetii irratti, ykn yaadota nam-tolchee irratti akka hirkattu hin barbaadu.

33 Waaqayyo Geggeessaa erga, Geggeessaan Isaa kan muudame ta'uu isaa akka yaadattan Waaqayyoo ni barbaada. Nutis Isa yaadachuu qabna. Asitti Inni akkas jedha, Yesus akkas jedhe, "Ani isin hin dhiisu, garuu Inni Jajjabeessaa akka isiniif ergu Abbaa Ani nan kadhadha." Jajjabeessaan kun, Inni yeroo dhufe, gara Dhugaa hundumaatti nu geessa. Dubbiin Waaqayyoo Dhugaaa dha, Dubbichis Kiristoosi, "Ani Karaa dha, Dhugaa dha, akkasumas Jireenya." Inni Sagalee dha, "Jalqaba irratti Sagaleetu ture, Sagalichis Waaaqayyoo bira ture, Sagalichis Waaqayyoo ture. Sagalichis foon ta'ee nu gidduu bule." Sana booda Geggeessaa isa dhugaa yoo hordofne, Hafuura Qulqulluu, Inni waan arge Inni nutti himuuf, Inni waan dhaga'e nuti himuuf, Inni waan dhufuuf jirus nutti agarsiisuuf ture. Ameen. Isin achi jirtu. Inni wantoota dhufuuf jiran isinitti akka agarsiisuufi.

34 Waldaawwan har'as yoo Sana morman, akkamitti gara Mootummaa Waaqayyoo dhaqu eegganna? Hafuurri Qulqulluun nu Geggeessuuf yeroo ergamu, Luboonni gariin, phaaphaasota gariin, eegdota ol'aanoo, ykn naamoonni akkasii

akka nu geggeessan fudhanna, sana kan goonu Hafuurri Qulqulluun akka nu geggeessu yeroo kennu dha.

35 Hafuurri Qulqulluun yeroo hunda Sagalichaa dubbata. “Ani waanan isinitti himu baay’ee qaba, isin amma hunda Isaa baachuu hin dandeessan, garuu Inni yeroo dhufe, Inni gara Isaatti isin geessa.” Sababni Dhufaatii Chaappaawwanii kanaafi. Xumura Chaappaa Torbaffaa irratti, iccitiin Waaqayyoo raawwatamuun irra jira, Waaqayyo Eenyu akka ta’e, maal akka Inni ta’e, akkamitti akka Inni jiraatu, amala Isaa, Maalummaa Isaa beekuufi. Isin yeroo sanatti guutummaan guutuutti *as* irra ta’uu qabdu, argitanii, gara nama guutuu ta’uu ijoolee dhiiraa fi dubaroota Waaqayyootti nu fide, Waldaa ishee Dhiiga Kiristoosiin dhiqatte, maallaqa malee bitamee, Dhiiga Yesus Kiristoosiin kan kaffalamee dha.

36 Amma, nuuf asitti, Geggeessaan, Geggeessaa Waaqayyo qopheesse dha. Amma, nuti lafa onaa keessa deemaa jirra, karaa ta’es daandii keenyarra jirra, Geggeessaa kana malees galuu hin dandeenyu. Namni geggeessaa bakka buusuuf ija jabaatu yoo jiraate haa yaalu! Yoo gootan, inni sarara irraa isin baasa. Geggeessaan kun karicha beeka! Karaa inchii tokko tokkoon beeka. Inni yaada onnee keessan keessaa hunda beeka. Inni nama as jiru hunda ni beeka. Inni eenyu akka taatan fi waan hojjettan, waa’ee keessan hundas beeka. Inni Geggeessaa Waaqayyoo ti, Hafuurri Qulqulluun, wantoota isinitti mul’isa, Inni waan dhaga’es ni hima, jechoota keessan irra deebi’uu fi waan isin jettan jechuu danda’a. Ameen. Maal akka taatan, maal akka argattan, eessa akka deemtan isinitti hima. Geggeessaan, Geggeessaa sirriin, Inni gara Dhugaa hundaatti isin geggeessa, akkasumas Dubbiin Isaa Dhugaa dha.

37 Amma, Hafuurri Qulqulluun beeksisa amantii nam-tolchee tokkoof, “ameen,” isin hin jechisiisu. Inni Dubbii Waaqayyo qofa, “ameenii” wajjin kan Inni walitti hidhu. Hafuurri Qulqulluu karaa biraa isin hin geggeessu. Amma wanti keessummaan, nuti hundinuu, dhaabbileen amantii keenya gurguddoon hundii fi wantoonni, hunduu Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamna jenna, nu hunda keessatti akka guyyaa fi halkaniitti garaagarummaa guddaan jira.

38 Garuu yeroo Phaawuloos, Fariisichi xiqqaan yeroo Anaaniyaan isa cuuphe Hafuura Qulqulluu fudhate, innis gara Arabaa deemee waggoota sadii barate, deebi’ee, waggoota kudha afuriif waldaa waa’ee waan tokkoollee hin mar’anne, yeroo dhufes Pheexiroos arge, geggeessaa waldaa Yerusaaleem, Barsiisa irratti waliif galanii turan. Maaliif? Hafuurri qulqulluun tokkuma! Bakka Pheexiroos Maqaa Yesus Kiristoosiin cuuphe, osoo namni itti hin himin Phaawuloos sana raawwateera. Pheexiroos cuuphamuu Hafuura Qulqulluu, fi qulqullummaa, fi kkf bakka barsiisetti, Phaawuloos waan walfakkaataa godhe, osoo waldaa wajjin hin mar’atin, Inni

Geggeessaa walfakkaataa waan ta'eef. Yeroo namoonni Dhugaawwan kana ganan sana booda nuti akkam taana? Yeroo Pheexiroos seerri waldaa maal akka ta'uu qabu barsiise, Phaawuloosis Barsisa wal fakkaatu qaba ture, geggeessaa wal fakkaatu 'waan qabaniifi.

39 Gaggeessichi isa tokko karaa *kana* ba'i, isa tokkoon karaa *sana* ba'i, isa tokkoon gara dhi'aatti isa tokkoon gara lixaatti hin geessu. Argitanii, Inni walitti isin hidhuuf jira. Hafuurri Qulqulluun tokkummaan akka nu tursiisu yoo barbaanne, tokko taana. Seexanni karaa dogogggoraa akka nu gessu yoo—hin eeyyamne, garaa tokko, yaada tokko, ilaalcha tokko qabna, Hafuura tokkoon, Hafuura Qulqulluun, Geggeessaa Waaqayyoo gara Dhugaa hundumaatti nu geggeessa. Sirrii dha. Garuu isin Geggeessaa keessan hordofaa. Eeyyee, fira koo.

40 Niqoodimoos ilaalaa, Geggeessaan isa barbaachisa ture, garuu inni nama qaroo ture. Inni barsiisaa ture, naannoo umurii waggaa saddeettamaa. Inni garee fariisotaa ture, ykn—Manneen Murtii Sanheedriin, Mana Maree, Dhaabbata Tajaajiltootaa ture. Inni namoota gurguddoo keessaa tokko ture, barsiisaa Isiraa'eel, beekaa ture. Yaadaa, barsiisaa guddaa ture! Eeyyee, seerota ni beeka ture, ta'us lammaffaa dhalachuu bira yoo dhufu, Geggeessaa isa barbaachisa. Inni sana beela'a ture. Inni waan adda ta'e jiraachuu akka qabu beeka ture. Haasaan galgala sana Kiristoos wajjin taasise mirkaneesseera. Miirri biraas, kana mirkaneesseera, garuu ija jabummaa—inni qabaachaa ture isaan keessaa tokkollee hin qaban turan. Isaan keessaa inni garasii dhufee waan inni godhe namni tokkollee hin goone. Isin hundi, namoonni, Niqoodimoos galgala waan dhufeef balaaleffatan. Inni achi ga'e. Inni ni qaqqabe. Namoonni gariin guyyaa ykn galgala, akka hin eegalle nan beeka. Garuu inni achi ga'e, Geggeessaan isa barbaachisa ture, akkas jedhe, “Barsiisaa, nuti,” Mana Murtii Saanheedriin irraa, “Ati Barsiisaa Waaqayyoo biraa dhufte akka taate beekna.” Inni maaliif beeke? Inni dhugaa ba'umsaan kan mirkanaa'e. Argitanii, lammata dhalachuun maal akka ta'e beekuu barbaade, innis gara isa sirrii Tokkoo dhaqe, Waaqayyo Kun Geggeessaa Isaa ta'uu mirkaneesseefi, Yesus. Waan inni jedhe ilaalaa, “Barsiisaa, Ati Barsiisaa Waaqayyoo biraa dhufe akka taate beekna, waan Ati hojjettu eenyumtuu hojjechuu 'waan hin dandeenyeefi, Waaqayyo yoo isa wajjin ta'e 'malee.”

41 Innis Waaqayyo jiraataan Isa keessa akka jiru, sun kan mirkaneesse ture. Maal dhugaa ba'e Inni, “Hojicha kan hojjetu Ana miti; inni Abbaa Koo Na keessa jiru dha. Dhugaan isinitti hima, ilmi ofii Isaa homaa hin godhu; Garuu waan Abbaan hojjetu Inni arge, Ilmis akkasumatti hojjeta. Abbaan ni hojjeta, Anis hanga ammaatti nan hojjedha.” Karaa biraatiin, Waaqayyo maal akka Inni hojjetu itti agarsiise, Innis deemee akkasuma godhe. Inni hanga Waaqayyo itti himutti Inni waan tokkollee hin

hojjenne. Ameen. Sun dhugaa ifa ta'ee dha. Callifnee Hafuurri akka hojjennu hanga nu sochoosutti yoo eegne! Kanuma! Guutummaatti Kiristoos keessa kan baddan ta'aa akkasumas Inni akka na godhe Inni isin muruu hin qabu, garuu mataa Isaa xiqqoo yoo isiniif raase, qophaa'aa taatu homtuus isin hin dhaabu, sababni isaa sun fedha Waaqayyoo ta'uu beektu.

42 Geggeessaa isa barbaachisa ture. Inni Geggeessaa mirkaneeffame ture. Inni Geggeessaa kanaan geggeeffamuu danda'a sababni isaa Geggeessaan kun Waaqayyoon akka argame ni beeka. Inni beekee ture aadaa inni tajaajileen, tarii warra Fariisotaa, Saduuqotaa, waan biraas kana caalaa, beeksisa amantii sana hunda tajaajile garuu waan raawwate hin argine. Garuu Namni tokko gara taatee asiitti dhufe, akkas jechaa Inni Masihii Macaafa Qulqulluu isa abdachiifame." Sana booda Inni deebi'ee hojiiwwan Waaqayyoo hojjeta. Yesus akkas jedhe, "Ani hojii Abbaa Koo hin hojjedhu yoo ta'e, yoos Anatti hin amaninaa. Garuu yoo Natti amanuu baattan, hojiiwwan Ani hojjedhetti amanaa, isaan waa'ee Koo dhugaa ba'u."

43 Sana booda, Niqoodimoos akkas jedhe, "Yaa Barsiisaa, Ati Barsiisaa Waaqayyoo biraa dhufte akka taate beekna, eenyullee hojii Ati hojjettu kana hojjechuu hin danda'u Waaqayyo yoo Isa wajjin ta'e malee." Argitanii, inni barsiisaa sanaa ta'us, Geggeessaa isa barbaachisa ture. Inni barsiisaa waldaa isaa ture. Inni kabaja qaba ture, inni—bakka beekamaa qaba ture, inni nama guddaas ture; shakkii hin qabu, biyya keessatti namoota hunda biratti kabaja qaba ture. Garuu gara dhalachuutti yeroo dhufu, Geggeessaa isa barbaachise! Nus akkasuma, eeyyee, Geggeessaa nu barbaachisa.

44 Qorneeliyoos, inni nama guddaa ture, nama kabajamaa. Inni waldoolee ijaare. Inni Yihudoota kabaja ture dhaabbanni amantii isaanii sirrii akka ta'e waan beekuufi ture. Kennaas kaaffalaa, innis guyyaa hunda kadhata ture, garuu Hafuurri Qulqulluun yeroo dhufu (Wanti tokko waldaaf dabalamee ture), Geggeessaa isa barbaachise. Waaqayyo Hafuura Qulqulluu erge. Inni karaa nama Pheexiroos jedhamuu Isa ergeef, "Pheexiroos Sagalee kana yommuu dubbatu, Hafuurri Qulqulluun isa irratti bu'e." [Bakka duuwwaa teeppii irratti—Gulaalaa.] Waaqayyoo Geggeessuu isaa karaa Pheexiroos fayyadame. Inni Isatti fayyadame, Inni Qorneelewoos karaa sirrii geggeesse. Osoo inni dubbachaa jiruu, Hafuurri Qulqulluun Ormoota irrattis bu'e. Sana booda akkas jedhe, "Isaan kun akka hin cuuphamne, namni bishaan dhoowwatu jiraa?" Argitanii, ammallee Geggeessaatu dubbata, Pheexiroos miti. Sun walitti qabama Yihudootaa. . .ykn Ormootaa waan tureef, isaaf "xuraa'oo, kan hin qulqullaa'in," deemuus illee hin barbaanne. Garuu Geggeessichi akkas jedhe, "Ani sin erga" jedheen. Yeroo Geggeessichi guutummaatti isin to'atu, yeroo akka Inni isin geggeessu eeyyamtan, isin waan nan godha jettanii hin

yaadne gootu. Oo, akkam ajaa'iba Hafuura Qulqulluudhaan gaggeeffamuun. Inni Gaggeessicha. Tole. Inni karaa Pheexiroos itti dubbatee waan inni gochuu qabu itti hime. Achii yeroo isaan hundinuu Hafuura Qulqulluu fudhatan, inni akkas jedheen, "Nuti bishaan isaan dhoowwachuu hin dandeenyu, akkuma jalqaba fudhanne Hafuura Qulqulluu fudhatanii argaa." Akkasumas isaan Maqaa Gooftaa Yesusiin cuuphaman. Amma, Eenyutu sana akka godhu isa Geggeesse? Geggeessicha isa keessa ture sana. Yesus isaanitti hin himne, "Waan dubbattaniif hin dhiphatinaa, sababni isaas kan dubbatu isin miti; Inni Abbaa isa isin keessa jiraatu dha. Inni ni dubbataa"? Ameen.

45 Xu'aashichi, Yerusaaleemii yeroo gadi dhufu. Yeroo sana biyya lafaa keessatti Waaqayyo Geggeessaa qaba ture, Hafuura Qulqulluu, Innis nama Geggeessaa Hafuura Qulqulluun guutame tokko qaba ture. Inni lallabaa illee hin turre, inni diyaaqoniis hin turre, Innis dhukkubsataa fayyisee hafuurota hamaa baasaa ture, sunis jeequmsa guddaa kaasee, magaalattii keessatti gammachuu guddaatu ta'e. Namoonni dhibbaan lakkaa'aman naannoo isaatti walitti qabaman, Geggeessichis akkas jedhe, "Sun baay'ee ga'aa dha, karaa kanaan haa deddeebinu." Inni Geggeessicha hin mormine.

46 Dubbii Geggeessaa keessaniin hin morminaa. Isa hordofaa. Yoo gochuu baattan, isin baddanii argamtu. Akkasumas, yaadadhaa, yoo Isa dhiiftan, kophaa taatu, kanaaf nuti gara Geggeessichaatti siquu barbaanna.

47 Kanaaf karaa irratti, Inni akkas jedhe, "Filiphoos, tuuta kana dhiisaa amma, bakka homtuu hin jirretti gara lafa onaatti ba'aa. Garuu achittin si erga, akkasumas yeroon achitti si ergu namni tokko jira." Kunoo xu'aashiin kophaa ta'e tokko dhufe, giiftii Itiyoophiyaatiif inni nama guddaa ture. Kanaaf inni deemaa ture, Macaafa Isaayyaas dubbisaa ture. Geggeessichi akkas jedhe, "Gara konkolaataatti dhi'aadhu."

Innis akkas jedhe, "Wanta dubbiftu kana hubattaa?"

48 Innis akkas naan jedhe, "Namni na geggeessu osoo hin jiraatin akkamittan hubachuu danda'a?" Oo, maay! Garuu Filiphoos Geggeessaa qaba. Ameen. Innis Caaffata Qulqullaa'aa wal fakkaataa, waa'ee Kiristoos isaaf lallabe. Ameen. Geggeessaa! Waa'ee ibsa amantaa itti hin himne, inni waa'ee Geggeessichaa itti hime, waa'ee Kiristoos! Akkasumas bishaanin isa cuuphe. Mirkanaa'aa dha, akkas ture. Oo, akkan isa jaalladhu!

49 Seera Ba'uu 13:21 irratti, yeroo Isiraa'eel Gibxii gadi lakkisan lafa kakuutiif jecha, Waaqayyo sana dura akka isaan karaa sana irra hin deemin beeka. Inni maayiliiwwan afurtama qofa, garuu wanti tokko akka isaan wajjin deemu barbaachisee ture. Karaa isaanii dhabu ture. Kanaaf Inni, Waaqayyo, Geggeessaa isaaniif erge. Seera Ba'uu 13:21 irrattis,

kana fakkaata, "Ani Ergamaa Koo si dura nan erga, Utubaa Ibiddaan, karaa irratti akka si eegu," gara biyya kakuutti akka si geggeessu. Akkasumas ijoollen Isiraa'eel Geggeessaa sana hordofan, Utubaa Ibidaa (halkan), guyyaa Duumessaan. Yeroo Inni dhaabbatu, isaanis ni dhaabbatu. Yeroo Inni deemu, isaanis ni deemu turan. Akkasumas yeroo Inni gara lafichaatti isaan dhi'eesse, isaanis achitti galuuf ga'umsa hin qaban turan, Inni karaa lafa onaa isaan geggeesse. Inni isaan wajjin hin deemu ture.

50 Waldaan har'a jirtus, akkuma kana. Shakkii tokkoyyuu hin qabu garuu har'as obsi Waaqayyoo, inni akkuma bara Nohi ture akka ta'e, waldattiin osoo sirrattee fi qajeelteetti ta'ee dura fudhatamti turte. Garuu Inni deddeebi'ee deddeebi'ee nu geggeessuutu barbaachise.

51 Isiraa'eel xiqqoo beeku, yeroo isaan iyyanii ililchaa turan, loltoota Gibxii du'an yeroo argan, fardeen liqimfaman, konkolaataawwan Fari'oon yeroo gadi liqimfaman, isaan mo'icha argatan, Museen Hafuuraan ta'ee, Hafuuraan yeroo faarfatu, Maariyaamis Hafuuraan yeroo shubbiftu, akkasumas dubaroonni Isiraa'eel gara daangaatti olii fi gadi yoo fiigan, ililchaa akkasumas shubbisaa, isaan aannanii fi damma irraa guyyoota xiqqoo irraa fagaatan. Xiqqoo waggaan afurtamni qofti akka isaan hafe hin beekne, Waaqayyoo fi Geggeessaa isaanii irratti guungumuu waan eegalaniifi.

52 Nutis haala walfakkaataa keessa jirra, achii gara Shirevepoortiin deema. Waggaa shantamaan dura, Hafuurri Qulqulluun Guyyaa Glateeffannaa bu'e, Luwiiziyaanaa—keessatti, Guyaa Galateeffannaa. Waldaan yeroo sanaa kaasee akkamitti kufte! Waldaan Kaatolikii Roomaa jalqaba irratti waldaan pheenxeqoosxee akka turte beektuu? Sun dhugaa dha. Sirrii dha. Isheen waldaa pheenxeqoosxee turte, garuu muudamtoonni kabajaman galanii—Caaffata Qulqulluu Waaqayyo kan ture gara aadaa isaanitti geeddaran, seerotaa, fi waan kana fakkaatu Isatti dabalan. Amma waan isaan argatan ilaalaa, kutaa Caaffata Qulqullaa'aa kamiyyuu miti. Hafuura Qulqulluu citaa buddeenaan, isaan waan tokko waan biraatiin bakka buusaniiru. Isaan keessa gadi lixuu itti facaasuun bakka buusan. Isaan "Gooftaa Yesus Kiristoos" "Abbaa, Ilmaa, fi Hafuura Qulqulluudhaan" bakka buusaniiru. Isaan seerota gurguddoo Waaqayyoo kana hunda bakka buusanii nu'iif bu'uura kaa'anii turan, Barsiisa Caaffata Qulqulluu irraa fagaatanii, fagaatanii, fagaatanii argamu.

53 Pheenxeqoosxeen Luwiiziyaanaa keessatti kufe, waggaa shantama dura, akkasumas waggoota dhibba lama erga turee booda, inni kan waldaa Kaatolikii caala kan hammaate ta'a, waggoottan shantamoota darban keessatti karaa tureen yoo kufe, isaan itti fufiinsaan, isa 'waan itti dabalaa deemaniifi yeroo hunda. Lallabdoonni baroota-durii badaniiru. Walga'iiwwan

karaa irraa, tokko illee hin dhageessan. Wanti nuti arginu hundi tuuta Hooliiwuud itti dabalame dha, Kiristaana jedhanii kan of waaman, dubartoota rifeensa-gabaabfatanii qumxaa uffatan, miidhaginaaf kan didibatanii, fi waan akkasii ti. Dargaggoonni Saafelaa gariin gitaaraan, bakkeetti dirree irra olii fi gadi utaalu, akkasumas dubartoonnis uffanni isaan uffatan a... akka gogaatti dhifamee qaamni isaanii gariin alatti mul'ata, baay'inaan, waltajjii irraa socho'aa, olii fi gadi waltajjii irra fiigaa, miidhagsituu gurraa fannifatanii shubbisuu, kanneen keessaa tokko asitti akkaataa murannaa-mataa-kan-dubartii biyyattii, Kiristaanaa ofiin jedhanii ti.

54 Nu kan barbaachisu isa durii-ture, Waaqayyoo biraa-kan ergame, waan biyya lafaa waldaa keessaa kan guggubu amantii isa abiddaa sana. Nuti gara Hafuura Qulqulluu fi Ibiddaatti dhufuu qabna, gara isa wanta ligidaa'ummaa hambisutti, lallaba-durii isa deebisutti, Mootummaa Waaqayyoo isa ol kaasuttii, fi si'ool ho'isuutti, afa-muuzii kan sirreessutti deebi'uu qabna. Lallaba akkasii nu barbaachisa. Garuu har'as ni gootu, gumiin keessan sagalee isiniif kenna.

55 Yeroo tokko tokko lallaboonni gaariin waltajjii isaaniin geggeeffamu. Dhaabbata amantii kanan hin qabneef kanaafi. Waajjira ol'aanaa tokkon qaba, sunis Mootummaa Waaqayyoo ti. Inni bakka kamittuu yoo na erge, achi nan deema. Waan Inni jedhes, ani nan jedha. Dhaabbata kamiyyuu hin barbaannu. Waldaan kun waa'ee dhaabbata amantii dubbachuu yoo eegalte, yeroo sana paastarii keessan dhabdu. Ani waa'ee isaa hin kaasu, daqiiqaa-shaniif illee. Waldaan gara dhaabbataatti jijjiiramtee gara sanyiitti deemte kamiyyuu, akkasumas fayidaan ala taatee, kan deebitee kaate natti himaa. Hafuurri Qulqulluu waldaa geggeessuuf ergame malee, namoota muraasa miti. Hafuurri Qulqulluun abbaa ogummaa-guutuu ti. Namoonni of tuultota, warra dhimma hin qabne ta'u.

56 Inni Geggeessaa akka erguuf, Inni karicha irratti akka isaan geggeessu Waaqayyoo itti himeera. Hamma isaan Utubaa Ibiddaa sana hordofanitti, isaan kan eegaman turan. Inni gara biyya abdachiifamteetti isaan geggeesse, sun hanga Inni deemuu danda'utti ture. Sana booda Iyyaasuun, goonni guddaan sun, guyyaa isaanitti dubbate sana yaadadhaa, "Ofii keessan qulqulleessaa, guyyaa sadaffaatti Waaqayyo Yordaanos gargar hira akkasumas nutis ni ceena"? Amma waan inni jedhe ilaalaa (kana nan jaalladha) Caaffata Qulqullaa'aa keessatti, akkas jedhe, "Kana dura karaa kanaan darbitanii hin beektani, Sanduuqa kakuu duuba dhaabbadhaa."

57 Bidiruun kakuu maal ture? Sagalicha. Amma karaa dhaabbileen amantii keessanii hin deeminaa, Sagalicha duuba turaa, 'sababni isaas kana dura karaa kanaan darbitanii hin beektani. Akkasumas, obboleessaa, waldaan Kiristaanaa yeroon ofii ishee ilaaluu qabdu yoo jiraate,

amma. Nuti sirriitti amma bakka Roomatti amma walga'ii guddaan taasifamaa jiru, garaagarummaawwan ta'aa jiru, konfedereeshinii waldaawwanii, bifa bineensichaa gochuuf yeroo dhaabbileen amantii walitti makamanii tokkooman, qofa Macaafni Qulqulluun akkuma jedhu kan ta'e. Ganama Ergaawwan keessatti maal akka jenne beektu. Akkasumas nuyi as jirra, wanti hundumtuu balbala irra jira, namoonnis ammallee ibsa amantii hordofaa jiru. Dubbicha duuba jiraachuu isinii wayya! Dubbichi isin gaggeessa, sababni isaa Dubbichi Kiristoos, Kiristoosi immoo Waaqayyoo dha, Waaqayyos Hafuura Qulqulluu dha.

58 Dubbicha duuba dhaabbadhaa! Oo, eeyyee, fira koo! Geggeessaa duuba dhaabbadhu. Isa duuba dhaabbadhu. Isin Isa dura hin ba'inaa, Isa duuba dhaabadhaa. Inni isin geggeessa, Isin Isa hin gaggeessinaa. Inni isin haa geggeessu.

59 Iyyaasuun akkas jedhe, "Amma, isin karaa kanaan darbitanii hin beektan, waa'ee karichaa homaa hin beektan."

60 Rakkoon har'aas kanuma. Karaa bal'aa irra akka isin geggeessuuf geggeessaa isin hin barbaachisu. Oo, isin karaa qaxxaamuraa fi waan hunda ni beektu. Karaawwan cubbuu hunda ni beektu. Hin jiru. . . Oo, isin yeroo dheeraa jiraattaniittu. Eenyumtuu waa'ee sanaa isinitti himuuf yaaluun irra hin jiru, rakkoowwan hunda beektu. Sun sirrii dha, cubbuu mara, hunda isaa beektu. Eenyullee akkamitti akka hatan isinitti hin himu; sana beektu. Akkamitti akka abaaran eenyumtuu isinitti hin himu; sana beektu. Eenyullee wantoota hamaa akkanaa akkamitti akka hojjetan isinitti hin himu, sababni isaa muka hunda irratti maxxanee jira.

61 Garuu, yaadadhaa, isin namoonni Kiristaanota taatan sun, isin ceetaniittu. Isin Lafa biraatti galtaniittu. Isin lammata dhalattaniittu. Isin Lafti jirtan, Lafa Waaqaraa ti. Isin Lafa kakuu keessa jirtu.

62 Isin ilaaluu dandeessu, naannoo keessan beektu. Oo, maay, eeyyee. Isin maal—maal, kaardii akkamii akka qabachuu qabdan beektu. Daayisiin maal akka ta'e, yeroo inni konkolaatu, maal akka ta'e, fi waan akkasii hunda beektu. Garuu yeroo gara isa beekuutti dhuftan qulqullummaa fi qajeelummaa akkasumas humna Waaqayyoo, Hafuurri Qulqulluun akkamitti akka hojjetu fi waan Inni hojjetu, Dubbicha duuba yoo turtan isiniif wayya, Geggeessaa. Argitanii? Isin kanaan dura karaa kana darbine.

63 Tole, akkas jettu, "Ani nama qaroo bareedaan ture, ani—kolleejjii keessatti diigiriiwwan laman qaba." Isa irraanfachuu wayya. Eeyyee, firako.

64 "Ani seminaarii keessa darbeera." Isin yoo dagattan wayya. Eeyyee. Isin Geggeessaa duuba ta'uu qabdu. Inni isin haa geggeessu. Inni karicha beeka; isin hin beektan. Karaa kanaan darbitanii hin beektan. "Tole," akkas jettu, "Isaan qabu."

65 Yoo isaan qabaatan ilaalaa. Yesus akkas jedhe, "Karaa kana warri darban, mallattoowwan kun isaan hordofu. Maqaa Kootiin, seexanoota baasu, afaan haaraa dubbatu; bofa ni qabu ykn waan nama ajjeesu yoo dhugan, inni isaan hin miidhu. Harka isaanii dhukkubsatoota irraa yoo kaa'an, isaan ni fayyu." Baay'een isaanii Isa ni didu, Isa ni ganu, Inni hafuuran kan geggeeffame miti jedhu. Isaan Geggeessicha hordofaa hin jiran. Isaan ibsa amantii nam—tolchee hordofaa jiru. Isin sirriitti Dubbicha duuba ta'uu isiniif wayya, sababni isaas isin kara kanaan waan hin darbineefi, ni beektu.

66 Garuu isin lammata dhalattaniittu, gara qulqullummaattis dhalattaniittu. Isin kana dura karaa kana hin darbine. Isin ka-. . .Karaa kanaan yoo darbitan, karaa qulqullummaatiin dhufuu qabdu, sababni isaa inni Lafa haaraa, Jireenya haaraa, saba haaraa dha.

67 Isin gara waldaa yeroo dhuftan namni tokko ol ka'ee, iyyee, "Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Haalleeluyyaa" yoo jedhu ni dhageessu!

68 Maaliif, isin akkas jettu, "Baay'ee, ajaa'iba, waldaa keenyatti akkas godhanii hin beekan! Ani ka'een ba'a! Um-hum. Argitanii? Of eeggadhaa.

69 Dubbicha duuba turaa, amma, Geggeessichi isin haa geggeessu. "Inni gara Dhugaa hundumaatti isin geggeessa, akkasumas waanan isinitti hime hunda isiniif ibsa. Inni sana isinitti agarsiisa. Inni wantoota dhufan isinitti hima," Geggeessaa dhugaa dha. Gara phaaphaasii hin deeminaa; gara geggeessaa deemaa. Geggeessaa malee gara nama biraa hin deeminaa. Inni isin geggeessuuf ergame Tokkicha. Inni Tokkicha sana raawwatu dha. Waaqayyo Geggeessaa isiniif kenneera. Karaa Waaqayyo kenne qabadhaa.

70 Rakkoon har'aa, namoonni waldaa yoo dhufan daqiiqaawwan muraasa qofa turu, isaanitti waan hin baramne tokko itti ta'a.

71 Dubartii xiqqoo tokko waldaa beekamaa tokkoo kan dhufte nan dinqisiifadha, isheef qofan kadhadhe. Waaqayyo dubartittii fayyisuuf jira. Isheef kun hin galle. Isheen waa'ee isaa homaa hin beektu. Keessa galtee, akka hin beekne dubbatte. Garuu ani akkasin jedheen, "Koottuutii na dubbisi." Isheen qaanoftuu fi duubatti haftuu turte, garuu Geggeessichi, "itti fufi jedheen." Isa hubatteetti. Kanuma. Argitanii, waan Hafuurri Qulqulluun wantoota kana nu geggeessuufi. Argitanii, Waaqayyo karaa qopheesse.

72 Isin ni beektuu. . .Allaattiiwwan bosonaa yeroo ce'an, daakkiyyeewwan gara kibbaa yeroo deeman? Tole, amma yaadadhaa, daakkiyyee xiqqaan dulloomaan sun ciisaa bishaanii sana irratti dhalate. Inni baha, kaaba, kibba, fi kibba hin beeku. Inni homaa hin beeku ciisaan bishaanichaa

tulluuwwan Kaanaadaa irra ta'uu isaa malee. Ciisaa bishanii sana keessaa ba'ee hin beeku, garuu geggeessaa ta'ee dhalate. Daakkiyeen xiqqaan sun geggeessaa ta'uuf dhalate. Akkasumas wanta jalqabaa, galgala tokko cabbiiwwan guddaan tulluu gubbaa irraa bu'a. Maaltu uumame? Qilleensi qorraan sun karaa inni jiru sanaan bubbise. Ani yoon timaamu hoollachaa, akkas jedha, "Haadha koo, maal jechuudha?" Argitanii, qilleensi akkasii sana dura isatti dhaga'amee hin beeku. Inni naannoo isaa hubachuu eegale, fiixee ciisaa bishaanichaa hubachuu eegale, itti qorruu eegale, ciisicha bishaanii irratti cabbiin dhufaa jira. Inni hin beeku, garuu hundumtuu tasa. . . Inni tuuta daakiyyeewwanii fi geggeessaa ta'uuf dhalate. Inni yeroo itti bubbisu sirriitti ciisaa bishaanii gidduutti utaala. Isin waan barbaaddan jettanii waamuu dandeessu. Nuyi eggeessaa jenna, ykn isinis akkas jettu, oo, calliftanii, maal iyyuu haa ta'u. Inni ciisaa bishaanii sana gidduu dhaa ba'ee iyya, xiqqoo qilleensa irratti jabeessee ni iyya, deemees, "Honk-honk, honk-honk!" Daakiyeen ciisaa bishaanii jirtu kamiyyuu gara isaa dhufti. Maaliif? Akkaataa inni itti iyyu, isaan geggeessaa isaanii beeku.

73 "Fiingeen sagalee hin beekamne yoo kenne, eenyutu lolaaf ofii isaa qopheessaa?" Sirrii dha. Eenyutu of qopheessa yoo fiingeen sagalee hin beekamne kenne?

74 Tole, daakkiyee xiqqoon sun sagalee hin beekamne yoo kenne, eenyutu lolaaf of qopheessaa? Daakkiyyeen xiqqoon sun qoonqoo isaa gadi baasee, akkasuma ni iyya, "Honk-honk, honk-honk!" Daakkiyyeen xiqqoon hundi gara isaatti dhufu. "Honk-honk, honk-honk!" Isaan akkasi. Iyyoobeeliyuu akkasii qabu, ciisaa bishaanii sana keessatti, deddeebi'anii naanna'uu naanna'uu fi naanna'uu dha. Yeroo xiqqoo booda wanti hundi akka isa irra deemaa jirutti itti dhaga'ama, sana dhiisuu qaba. Kochoowwan isaa diriirsee bishaan ciisaa dhiisee balali'a, qilleensa irra ka'ee yeroo afur ykn shan naanna'a, hamma danda'us kallacha gara Luwiiziyaanaatti deema, daakkiyyee hundi duuba isaa ta'u. "Honk-honk, honk-honk," jechaa as dhufa. Maaliif? Inni geggeessaa dha! Ameen! Daakkiyyeewwan geggeessaa isaanii beeku, waldaan hin beektu. Eeyyee, inni waan godhu beeka.

75 Daakiyyee dulloomaa sana ilaalaa, Alaaskaa irraa ka'a. Amma, daakiyyee dhiiraa dulloomaatu isaan geggeessa, daakiyyeewwanis allaatticha dhiiraa sirriitti ilaaluu qabu. Isaan waan daakiyyeen dhiiraa sun dubbatu sana beekuu qabu. Barrulee *Luuk* irratti naannoo waggaa arfan kana dubbiftanii beektuu, daakiyyee dhiira dulloomaan waan godhu kan hin beekne dubbiftaniittuu? Innis daakiyyeewwan baay'ee gara biyya Ingiliziitti erge. Sun sirrii dha. Sana dura biyya Ingilizii hin beekan ture. Maaliif? Isaan—geggeessaa isaanii hin beekani. Daakiyyeen dullooman sun garam akka dhaqu hin beeku. Ammas isaan achi jiru deebi'anii dhufuu hin danda'an.

76 Dhimmi daakiyyeewwan sanaa hundi har'as kanuma, isaan ammayyuu tuutaan yaa'u. Akkana jedha, barruulleen *Luuk* sun, daakiyyeewwan kun tuutaan naannoo Ingilizii balali'u, akkamitti akka deebi'an garuu hin beekan. Akkuma sana *daakiyyeewwan* gariin ani beeku illee sanuma. Tuuta qabu, walgahii guddaas ni qabu ture, akkasumas haaromsa kan adeemsisan wajjin dhufanii xiqqoo ni lallabu, garuu isin garam akka deemtan hin beektan. Tuutaan naanna'uu fi naanna'uun ni dhiphattu, gara dhaabbata amantiitti kan isin geggeessu daakiyyee dhiiraa waan qabdaniif; gara Dubbii Waaqayyootti, gara cuuphaa Hafuura Qulqulluutti hin deebitan. Sana booda bara keenya keessatti maaliif dadammaqina akka qabne nu ajaa'iba. Um-hum. Argitanii? Isin Sagalee mirkanaa'e argachuu qabdu. Sagaleen sun Wangeela kan hafuura baafatu fiingee Wangeelaati, Dubbii Waaqayyoo hunda. Ibsa amantii, dhaabbata amantii miti; garuu Macaafa Qulqulluu, Hafuura Qulqulluu dha. "Warra amanan mallattoowwan kun isaan hordofa." Argitanii? Isaan karaa sana gubbaa adeemu.

77 Daakiyyeen dullooman tokko yeroo tokko, baay'een ajjeefamaniiru, jedhan, dukkana keessa isaan fiigsisuu yaala, ofii isaa, garamitti akka deemu hin beekne, isaan hundumtuu cina tulluuwwaniitti walitti bu'an, akkasumas gariin isaanii bittineeffamanii, caccaban. Dhugaa dha! Isaan sagalee isaanii isa sirrii beekuu qabu ture. Daakkiyyeen xiqqaan dulloomaan sun, osoo sagalee sirrii qabaatee hundi beekaniiru ta'ee, isaan tuuta xiqqaa iyyoobeeliyuu ni qabaatu akkasumas kibba ni deemu. Maal hojjechuuf achitti gadi bu'u? Bakka hin qorrine barbaacha.

78 Amma, Waaqayyo qorra akkaataa itti dhabamsiisan beekuuf daakkiyeef miira ga'aa erga kennee, Inni waldaaf akkam hin kennu turee? Daakkiyyeen sana akkasumatti gochuu erga danda'ee, waa'een Hafuura Qulqulluu waldaa keessatti hoo? Inni seerota moofaa fi ibsa amantii fi wantoota, gara ulfinaatti, gara cuuphaa Hafuura Qulqulluu ajaa'ibaatti geggeessuu qaba. Inni gaarummaa, beekkumsa, obsa, waaqayyoon sodaachuu, fi Hafuura Qulqulluu fida. Sun wanta Geggeessaa dhugaan geggeessu dha, Inni Wangeela malee 'waan hafuura hin baafneefi, Dubbii Waaqayyoo qofa. Sirriidha, Geggeessaa isin barbaachisa!

79 Yoos, namoonni ogeeyyiin, waa'ee Waaqayyoo waan tokko hin beekan. Isaan—mortoota hojjettoota-mortootaa turan, mortoota. Isaan karaa bahaatiin darban. Beektuu, Macaafni Qulqulluun akkas jedhe, "Nuti Urjii Isaa Bahatti arginee, Isa waaqeffachuu dhufneerra." Isaan lixa irraa turan, baha ilaalanii akkasumas Urjii Isaa argan . . . ykn lixa ilaalanii, Baha keessa turan. "Nuti Baha turre, akkasumas Urjii Isaa lixatti argineerra." Argitanii? "Nuti Urjii Isaa Bahatti argineerra." Argitanii, isaan Baha turan. "Yeroo Baha turre nuti Urjicha

argineerra, akkasumas nuyi Isa waaqeffachuu dhufne."

80 Namoonni sun deemuuf qophaa'anii yeroon argu tilmaamuu nan danda'a. Haadha manaawwan isaanii keessaa tokko yoo akkas jettu natti mul'ata, akkas jetti, "Jedhi, wanti hundi fe'ameeraa, garuu kompaasiin meerre?"

Inni akkas jedheen, "Ani—yeroo kana kompaasii hin fayyadamu."

81 Akkas jette, "Tulluuwwan akkamitti darbita?" Yaadadhaa, isaan Laga Tigriis ce'uu qabu akkasumas goodaawwan keessaan gadi dhufuu, akkasumas. . .maaliif, gaalaan deemsa guyyaa-lamaa isaan eeggata. Isaan isa maal godhu? Akkas jette, "Tole, ati koompaasii illee hin fudhattuu."

Akkas jedheen, "Hin fudhu."

"Akkamitti deemta?"

82 "Ani karaa Waaqayyo qopheessen deema. Sun gara Urjii Mootichaatti na gaggeessa." Inni sanuma.

83 "Nuti Urjii Isaa Bahaa argineerra, akkasumas Isa waaqeffachuuf, hanga karaa lixaatti Isa hordofneerra. Eessa jira Inni?" Isaan karaa Waaqayyo isaaniif qopheesse hordofan. Xiqqoo turanii tuullaa ibsa amantii wajjin walqabatan. Isaan gara Yerusaaleem dhufanii daandii irra olii fi gadi ba'uu fi bu'uu eegalan, namoota wayyaa gaarii uffatan, akkas jechaa, "Eessa jira Inni? Eessa jira Inni Mootiin Yihudootaa dhalate?" Tole, sun mataa ture, sun Yerusaaleem ture. Dhugaatti waldaa gurguddaan waa'ee Isaa beekuu qabu ture. "Eessa jira Inni? Eessa jira Inni Mootiin Yihudootaa dhalate? Nuti Urjii Isaa Bahaa argineerra, Isa waaqeffachuuf dhufne. Eessa jira Inni?

84 Maaliif, isaan kan deeman gara paastar *Akkanaa-fi-akkasii* angafa lubaa *Akkanaa-fi-akkasiiti*, waa'ee Isaa waan tokko wanti beekan hin jiru. Maaliif, Mootiin Yihudootaa kan dhalate Tokko jira, Eessa jira Inni?" Isaan hin beekani.

85 Garuu yeroo isaanii kan dabarsan tuutni tiksootaa baay'een naannoo gaaraa irra turan, eeyyee, fira koo, sababni isaas isaan karaa Waaqayyo qopheessefiin dhufan.

86 Kanaaf Isaan naannoo sana turan. kallattiidhaan akkas jedhe, "dirqama maal akka goonu sittan hima, nuti walga'ii guddaa qabaachuu qabna." Kanaaf Saanheedriin keessatti Mana Maree jedhanii waaman, yoo waa'ee Isaa waa—dhaga'an jedhanii yaadan. "Lakkii, nuti waa'ee Isaa wanti beeknu homtuu hin jiru."

87 Har'as kan jiru waanuma walfakkaataa dha. Waa'ee Geggeessaa, waa'ee fayyisuu Hafuura Qulqulluu, guutuu, fayyisuu, deebi'ee akka dhufu homaa hin beekan. Geggeessaan sun wantoota ta'uuf jiran kana hunda kan nuti himu, nuti as isaan gidduu jirra. Hubataa yaada garaa namaa; isaan waa'ee Sanaa homaa hin beekan, isaan teleepaazii sammuu tokko ykn

waan tokko Isaan jedhu. Waa'ee Isaa maal akka jedhan hin beekan.

88 Kanaaf, argitanii, yeroo namoonni ogeeyyiin, gara Yerusaaleemitti seenan, mee. . . Yaadadhaa, Urjichi ni dhabame. Ibsa amantii fi nama dhaabbata amantii gara Waaqayyootti akka isin geggeessu hanga barbaaddanitti, gargaarsi Waaqayyoo isin dhiisa. Garuu yeroo dhukkubsatanii fi dadhabanitti, ibsa amantiiwwanii, fi dhaabbilee amantii Yihudootaa dhiisan, Yerusaaleem keessaa ba'an, sana booda Urjichi lammata argameetti isaan gammachuu guddaadhaan gammadan. Isaan deebi'anii Geggeessicha argan! Oo, inni akkami, isa duraanii fi waldaa qorre keessaa ba'aa, sana booda gara isa gaarii fi boba'uutti deebi'aa, Geggeessaa isa geggeessu ilaalaa, inni garaagarummaa akkamiiti! Eeyyee, "Nuti Urjii Isaa Baha keessatti arginee Isa Waaqeffachuuf dhufneerra."

89 Iyyaasuun akkas jedhe, "Amma isin Bidiruu kakuu hordoftu, 'sababni isaa kana dura karaa kana dhuftanii hin beektan." Waaqayyo Bidiruun Kakuu sun karaa sirrii malee bakka biraa akka deemu hin eeyyamu. Hunduu Isa hordofaniiru, Inni gama Yordaanos ce'e.

90 Har'as akkasuma, Hafuura Qulqulluudhaan. Eeyyee, fira koo. Qofa wanti beekuu qabnu, inni Hafuura Qulqulluu ta'uu ykn dhiisuu isaa ti, Nuti mul-. . .mul'ata Isaa argina, mul'atoonni sun Dubbii Waaqaayyoo mirkaneessu.

91 Amma, yeroo dhi'ootti, tuuta obbolootaa dhiigaa fi zayitii jedhu qabu, isaan karaa sanaan gochuu yoo barbaadan haa ta'u. Anaaf. . .Sun naaf hin mirkaneessu. Inni mirkaneessuu Caaffata Qulqulluu ti, argitanii, hamma Waaqayyo waan dubbate mirkaneessetti, sun sirrii dha. Isaan akkas jedhu, "Sababni Hafuura Qulqulluu argatteef kanaafi, ati zayitii harka kee keessaa qabda." Amma, sanaaf—deemuu hin danda'u. Argitanii? Lakkii, zayitiin waa of keessaa qaba jedhee hin amanu. Akkasumas yoo dhiigni sun fayyisuu fi oolchuuf yoo ta'e, Dhiigni Yesus Kiristoos maal ta'e? Zayitiin sun yoo fayyise, madaa'uun Isaa hoo? Argitanii? Argitanii?

92 Ani Geggeessichi akka dhufun barbaada, gara Dubbii Dhugaatti kan isin fidu, sana booda zeeroo akka taatanii fi lakkaa'uuf qophaa'uu keessan beektu. Sun sirrii dha, balali'uuf qophaa'uu. Eeyyee, fira koo. Eeyyee, sababni isaa maali? Geggeessaa dhugaa kan taasisu Tokko Isa dha.

93 Ani as irratti Caaffata Qulqullaa'aa argadheera, Caaffattoota kana kenneera, garuu ani isa kana dubbisuun barbaada. Innis Pheexiroos Lammaffaa, boqonnaa isa 1fffaa, lakkoofsa 21ffaa dha.

*Raajii. . .dubbachuun* takkaa *jaalala namaatiin hin taane: garuu namoonni Hafuura Qulqulluudhaan*

*geggeeffamanii* wanta *Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru.*

94 Raajichi akkamitti dhufe? Fedha namaatiin, ibsa dhaabbilee amantiin miti; garuu fedha Waaqaan, yeroo namoonni qulqulluu Hafuura Qulqulluun socho'an. Inni yeroo hunda Geggeessaa Waaqayyoo ti. Sun Hafuura Qulqulluu isa Utubaa Ibiddaa ture sana, sun Hafuura Qulqulluu ture, namni kamiyyuu sun Kiristoos akka ta'e beeka. Museen Gibxii dhiisee, arrabsoo Kiristoos badhaadhina biyya Gibxii akka caalutti lakkaa'e. Kiristoos Tokkicha ture. Tole, yeroo isaan achi dhaabbatanii akkas jedhan, "Tole, Ati akkas jetta Ati waggaa shantamaa ol miti, Ati . . . Maaliif, Abrahaam argeera jettaa Ati?"

95 Inni akkas jedhe, "Abrahaam osoo hin dhalatin dura, Ani tureera." Ani Tokkicha isa Museen Utubaa Ibiddaan argee dha. Eeyyee, fira koo. Inni Waaqayyoo isa foon ta'e ture. Namni sadaffaan hin jiru; Nama tokko waajjira adda addaa keessatti. Waaqolii sadii mitii; waajjiraalee sadii Waaqayyo tokko. Sirrii dha.

96 Tole, amma, Caaffanni Qulqulluu. Yeroo hunda, Waaqayyo qopheessu, Inni isa hunda caalu qopheessa. Waaqayyo waldaa Isaa jabeessuuf yeroo qopheessu, Inni kan caalu qopheessee ti. Inni yeroo Addaamii fi Hewaanii kenne, jennata Edan keessatti, wanti Inni isaanii kenne Dubbii Isaa ture. "Dubbii kana duuba ta'aa, isinis nagaa taatu. Garuu yoo Isa keessaa baatan, isa irraa gaafa nyaattan guyaa sana du'a duutu." Waaqayyo tooftaa Isaa jijjiiree hin beeku. Akkasumas Seexannis hin jijjiirre; Addaamii fi Hewaanitti gale, har'as inni isaanitti ni gala. Maaliif? Sababa Isatti baasuu yaalan, "Amma, Waaqayyo kan hin eeyyamneef sababa qaba. Oo, Waaqayyo dbbateera," Seexanni akkas jedhe, "Waaqni qulqulluun akkas hin godhu." Dhuguma Inni ni godha, sababni isaa Inni Ani nan godha jedhe!

97 Akkasumas sun waan namoonni har'a jedhan, "Oo, amma eegaa! Isin amma hin amantan, ani yoon gara waldaa dhaqee kurnoo koo kaffale, anis *kanan* godha, *sanan* godha, Waaqayyo achi na gatuufii ree?" Namni lammata yoo dhalate malee, Mootummaa Waaqayyoo hubachuu hin danda'u! Argitanii? Dhiifamni hin jiru! "Tole, jaarsi hiyyeessi, jaartii hiyyeettii, lubbuu gaarii fi garraamii qabu." Karaan tokkichi Waaqayyoon arguu danda'an, lammata dhalachuu dha. Kanuma. Hammam xiqqoo, hammam dulloomaa, hammam dargaggeessa, wanti isaan godhan, hammam waldaa yoo dhaqan, dhaabbilee waldaa meeqa yoo beekan, ibsa amantii hammam yoo dubbisuu danda'an na hin dhibu. Isin lammata dhalachuu qabdu ykn isin jalqabuuf, bu'uura irra hin jirtan. Sun sirriitti dhugaa dha.

98 Kanaaf, beektuu, Geggeessaa isin barbaachisa. Inni gara Dhugaatti isin geggeessa, Dhugaanis Sagalee dha. Inni isin geggeessa. Yeroo hunda geggeessaas ture. Waaqayyo waan

tokkollee jijjiiruu hin qabu, ’sababni isaa Inni xumura hin qabu waan fooyya’aa ta’es Inni beeka. Inni bakka hundatti argama, Inni hunda beeka, Inni—Inni waan hundaa dha. Inni sirrii dha, Waaqayyoo dha, kanaaf Inni jijjiiruu hin qabu. Tole.

99 Inni karaan ittiin isin geggeessu Inni Mirkaneessaa dha. Hafuurri Qulqulluun, Geggeessaan, kan Inni isin barsiisu Dubbii walfakkaataa Mirkaneessaa dha. Amma, Luqaas Geggeessaadhaan geggeeffamee ture, akkas jechuun, “Gara biyya lafaa dhaqaa, Wangeela uumama hundatti lallabaa. Kan amanee fi kan cuuphame ni fayyaa, kan hin amanne garuu itti murteeffama. Akkasumas mallattoowwan kun warra amanan ni hordofu; Maqaa kootiin seexana ni baasu, afaanota haaraa ni dubbatu, bofa ni qabu, yoo waan nama ajjeesu dhugan hin miidhu, harka dhukkubsatoota irra kaa’u isaanis ni fayyu.” Macaafni Qulqulluun akkas jedha, “Bakka hundaa ba’an,” Geggeessaan gaggeeffaman, beektuu, “Dubbicha lallaban, mallattoon isaan hordofa.” Inni maal ture? Geggeessaan Sun Dhugaa akka ta’e mirkaneessa!

100 Sun poolisii Waaqayyoo ture. Inni haaluma kanaan taa’e. Sun sagantaa Isaa ti; Inni xumura waan hin qabneef, Inni sana irraa jijjiiruu hin danda’u. Ameen. Inni sana irraa jijjiiruu hin danda’u; Inni Waaqayyo dha. Ani jijjiiruu danda’a; Ani nama. Isin jijjiiuu dandeessu; isin dhiirotaa fi dubroota. Garuu Waaqayyo hin jijjiiramu. Ani xumuran qaba; Ani dogoggora godhee sirreessuu danda’a, hundi keenya ni goona. Garuu Waaqayyo akkas miti, Waaqayyo dha. Murteen Isaa jalqabaa mudaa hin qabu. Akkaataa Waaqayyo itti hojjetu, Inni yeroo hunda kan hojjetu karaa sana. Yoo Inni cubbamaa oolchuuf waame, Inni waan tokko irratti hundaa’eetu isa oolcha. Yeroo itti aanutti cubbamaan tokko yoo dhufu, Inni tarkaanfii walfakkaataa fudhachuu qaba, ykn Inni yeroo jalqaba hojjetu Inni dogoogora hojjete. Ameen. Ani Isa nan jaalladha. Inni Dhugaa akka ta’e nan beeka.

101 Umuriin koo shantamii-shanii dha, waggoota soddomii-sadii fi qixxee Wangeela lallabaa tureera, Kan Inni dogoggore argee hin beeku. Ani yeroo torba naannoo addunyaatti, amantaa hunda keessattii fi waan hunda keessatti Inni qoramee ani argeera, duraan yeroo tokko miliyoona walakkaa ol, Inni hin kufne. Ani macaafa biraa irraa hin dubbadhu, muuxannoo dhuunfaa irraan dubbadha, kanan beeku Waaqayyo Dubbii Isaa duuba jira Isas ni kabaja. Amma, ibsa amantii waan biraa yoo qabaattan, sana ilaaluu isiniif wayya. Garuu Hafuurri Qulqulluun Dubbii Waaqayyoo deeggara.

102 Qulqulluu Yohaannis keessatti, boqonnaa 1ffaa lakkoofsa 1ffaa, Inni Sagalicha akka ture dubbata, Inni Geggeessaa dha: “Jalqaba irratti Sagaleetu ture, Sagalichi Waaqayyoo bira ture, Sagalichis Waaqayyoo ture. Akkasumas Sagalichi foon uffatee nu gidduu bule.” Maay!

103 Pheexiroos geggeeffamee ture, Hojii Ergamootaa 2:38 irratti, akkatti Hafuura Qulqulluu fudhatan, akkas jedhe, “Qalbii geeddaradhaa, dhiifama cubbuu argachuuf tokko tokkoon keessan, Maqaa Gooftaa Yesusiin cuuphama, Geggeessichi immoo achii isin fuudhaa.” Eeyyee, sun waan godhamuu qabu dha. Dursa, amanuu dhabuu, wantoota kana waan hin amanneef, cubbuu keessaniif qalbii geeddaradhaa. Qalbii geeddaradhaa, sana booda cuuphamaa, Geggeessichi achii isin fuudha. Argitanii, sun ga’ee keessan. Qalbii geeddarachuun ga’ee keessan. Cuuphamuun ga’ee keessan. Sana booda achii isin fudhuun ga’ee Geggeessichaa ti, gaarummaa irraa gara beekkumsaatti, of bituutti, obsatti, Waaqa fakkaachuu, fi jaalala obbolummaatti isin geggeessa, Hafuurri Qulqulluun immoo isin chaappessa. Argitanii? Sana booda nama guutuu Waaqayyoo ti isin, dhiira dhugaa Waaqayyoo, dubartii dhugaa Waaqayyoo, Kiristoosiin cimtaniittu. Kiristoositti cimaa kan taatan sana, nan jaalladha.

104 Eeyyee, Maariqoos Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamee ture, Maariqoos 16 barreessuuf, dhugaa dha.

105 Yohaannisis yeroo Mul’ata barreesse geggeeffamee ture. Inni Geggeessichaan geggeeffamee ture. Inni akkana jechuufis Geggeessichaan geggeeffamee ture, “Isa irraa Jecha tokko kan hir’ise, ykn jecha tokko Isatti kan dabale, kan walfakkaatu irraa fudhatama, qoodni isaa, Macaafa Jireenyaa irraa fudhatama.”

106 Amma, waan tokkoon akkamitti Dubbii Waaqayyoo bakka buuftu, amma Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamtuu? Hiika hin qabu, mitii? Lakki, fira koo. Inni miti.

107 Inni Geggeessaa jireenya koo ta’eera. Inni gara Jireenyaatti na geggeesse. Gara Jireenyaatti kan na geggeesse isa Tokkicha, akkasumas Inni Jireenya koo ti. Isaan alatti ani Jireenya hin qabu. Isaan ala ani homaa hin barbaadu. Inni Hundumaa-keessaa-Hunda koo ti. Yeroo rakkinaatti, Inni cina koo dhaabbata. Inni kaleessa na eebbiseera, har’as haaluma wal fakkaataan hojjetu. Ani maalan eegaa? Bara baraan isuma sana, Maqaa Isaa eebbisaa! Ameen. Eeyyee, fira koo. Inni kakuu galeera. Inni ni raawwata. Inni Jireenya koo ti, Inni Geggeessaa koo ti, Waan-Hundaa-keessatti. Ani Isa amanadheera. Qormaanni ulfaataan na muudateera. Bakkan deemu hundatti Isa nan amana. Akkas akka gootan nan barbaada. Yoo dhiqachuuf deemtan, dubartoonni, Isa amanadhaa. Yoo magaalaa deemtan, Isa amanadhaa.

108 Ani yeroo tokko nama bosonaa jabaa dha jedhee yeroon of yaade ture, beektuu, baay’ee nan adamsa ture. “Enyu iyyuu kan hin gowwomsine, gonkumaa kan hin dogoggorre . . . Isin na balleessuu hin dandeessani. Haati koo walakkaan ishee Hindii turte, sana nan jaalladha. Oo, maay! Isin bosona keessaa na balleessuu hin dandeessan, eessa akkan jiru beeka.”

109 Akkasumas gola misirrootti, haadha manaa koo xiqqoo nan gowwoomse, akkas jedheen, “Beektaa, damma koo, yoo Onkoloolessa digdamii-sadii irratti walfuune inni nuuf gaarii ta’a.” Sirrii dha, Gooftaan akkan akkas godhu kan natti hime kana.

110 Akkasin yaade, “Amma, bashannana gola misirrootiif, maallaqa koo walitti qabee, anis burqaa Niyaagaara ishee nan geessa, akkasumas Adiroondaak irraan ba’een xiqqoo nan adamsa.” Argitanii? Kanaaf ani ishee fi Biiliin fuudhadhee, inni xiqqoo tokko ture. ani ishee bashannana misirrummaa irratti geessuun qaba ture, innis adamsaa ture, akkasuma, beektu. Kanaaf—sana gochuun wanta gaarii dha jedheen yaade. Ishees nan fudhadhe, akkasumas . . .

111 Obbo Deentan, bosona kan eeguuf nan barreesse. Nutis gara Tulluu Hariikaanitti ol baanee turre. Ani akkasin jedheen, “Obbo Deentan, dhufaan jira, arfaasaa kana ani bosonuu adamsuun barbaada.”

112 Innis akkas jedhe, “Tole, Biilii, ol koottu.” Inni akkas jedhe, “Ani guyyaa *murtaa’e-murtaa’e* achitti nan argama.” Tole, anii fi haati manaa koo, Biilii wajjin guyyaa tokko dafnee achi geenye, kanaaf godoon cufamtee turte. Xiqqoo bosona irratti akka-hirkachuu taatee turte.

113 Bakkicha, Obboleessi Fireed Soozmaan yeroo dhiyoo achi dhaqnee dhaabanneerra. Hafuurri Qulqulluun, achi dhaabbatee, Ifti keelloo sun bosona keessa yeroo nanaanna’un arge, Fireed immoo achi dhaabbachaa ture. Inni akkas jedhe, “Kophaa kee koottu, si dubbisuun barbaada. Boru,” jedhe, “of eeggadhu, isaan kiyyoo siif qopheessaniiru.” Akkas jedhe, “Dammaqaa ta’i!” Sun sirrii dhaa, Obboleessa Fireed? Ani dhaqeen galgala sana namoota dhibbatti lakkaa’amanitti nan hime, Veermoonitti, akkasin jedhe, “Kiyyoon naaf qophaa’eera; ani isa ilaaluu nan deema. Bakka inni jiru hin beeku.” Galgala itti aanu, kunoo ni dhufe, achi ture. Akkas jedhe, “Kiyyoon kaa’ame kunoo ti.” Eeyyee, fira koo. Garuu Hafuurri Qulqulluun waanan godhu na gaggeesse. Innis, oo, maay, qofa sun sirrii ture! Oo, baay’een keessan maaltu akka ture beektu. Dubbachuuf yeroo hin qabu.

114 Garuu yeroo sana bakka sana irra dhaabbatee, inni guyyuma sana qorruu eegale. Obbo Deentan ganama isaa dhufaa ture, akkasin jedheen, “Ati beektaa, damma koo, maallaqa osoon argadhee gaarii ta’a.” Akkasin jedhe, “Deemne . . . saantimoota kana qusachuu qabna, reef gaa’ela taasifne.” Akkasin jedheen, “Foon gannaa arganna xiqqoo har’a yoon adamse.”

115 Isheenis akkas jette, “Tole, deemi, Biilii.” Isheen, “Amma, yaadattaa, ani bosona kana keessa gonkumaa hin turre,” jette. Isheen maayilii digdamii-shan tulluuwwan irra turte, beektuu, akkas jette, “Ani waa’ee kanaa waan tokkollee hin beeku.” Isheen akkas jette, “Anis akkasuma . . . ”

116 Akkasin jedheen, “Tole, amma, yaadattaa, qarambullee sana kanan ajjeese waggoota lama dura ture. Sun sirriitti achi tulluu fiixee sana duuba irratti ture.” Anis, “Amma, ani maallaqa baay’een argadha qarambullee ni arganna,” jedheen, “gannaaf foon ni arganna.” Tole, sun baay’ee gaarii ta’a, beektaa. (Wayinii gurraachas guurranne, dhagaa gurraacha—kan gannaaf ta’u arganne; Biilliinis isaan ni gurgure, Meeddaa fi ani galgala tokko paatiroolii irraa bu’een isaan geessse.) Kanaaf sana booda—akkasin jedhe, “Tole, ani qawwee koo fudheen, gadi bu’a.” Akkasin jedheen, “Bosonuu baay’etu as jira, tokko isaan barbaada.” Anis, “Beektaa,” “isa nan argadha,” jedheen. Anis, “Ni arganna . . . Yeroo muraasatti nan deebi’a” jedhe.

Isheenis, “Tole” jette.

117 Kanaaf, yeroo ani jalqabe, baay’ee gadi bu’aa ture. Eenyu keessanuu namoonni Niwu Hampisheer, akkasumas Niwu Ingilaand keessaa kan jirtan, beektuu cabbiin sun yeroo bu’u maal akka ta’e, ykn tulluuwwan irra bakka kamiyyuu taatanii, eessa akka jirtan beektu. Kanuma qofa. Of duratti harka keessan arguu hin dandeessan. Kanaaf sana booda anis xiqqoo karaa kutuun—jalqabe, akkas, gadi bu’ee, achii immmoo qileee qaxxaamuree ol ba’uun jalaqabe. Paantariin akka jirun hubadhe, isin as kutaa biyya kanaa keessatti akkanatti waamtu. Nuti dhihatti, amaaqexa, jennee isa waamna. Isaan achi irratti, leenca tulluu, jedhanii isa waamu. Hunduu bineensa tokkicha. Inni sanyii adurree ti, inni dhuguma akkasi. Adurreen wal fakkaata, naannoo faana-sagalii dheerata, naannoo dhibbaa fi shantamaa ulfaata, paawondii dhibba lama. Inni karaa ce’e, qawwee isaa dafeen gadi sigigeesse, isatti dhukaasuuf ariitii ga’aa hin qabu ture.

118 Tole, amaaqexa kana duukaa bu’uuf, baala mukeetii inni socho’een osoon ilaaluu, randa irraa sigiggaadheen ba’e, beektu. Isa dhaga’uu nan danda’an ture. Inni luka afur qaba ture. Ani bineensa luka-lamaa akka hin taane beeka ture, luka afur qaba. Innis bosonuu akka hin taane beekeera, ‘sababni isaa bosonuun nama dhiita. Inni haala salphaadhaan sigigaata akka adurree, beektu, akka sana. Qarambulleen yeroo deemu ni naanna’a. Kanaaf inni amaaqexa akka ta’e beekeera. Inni muka cinaa ture kanaaf arguu hin dandeenye, gaaddiduu isaa qofa arge, achii ni bade.

119 Akkasuma bakka inni baalota sochoose nan ilaale, beektuu, fiixee tulluutii ol, gadi akka kanatti, akkasumas duumessi sun yeroo hunda yeroo dhufu ani isa hin argu, beektuu, huurrii ta’ee dhufaa ture. Ani sigigaadheen, sulula guddaa tokko keessan bu’een gara Giyaantis bu’e, amaaqexa kana hordofaa. “Yeroo muraasaan booda nan qaba,” jedheen yaade. Bakkicha nan ilaale, bakka ol’aanaa irra nan fiige, naannoo irra akkasitti nan ilaale, naannoo nan dhaggeeffadhe, nan ilaale yoon isa arguu danda’e jedhee; sirriitti itti dhi’aadheen

dhaggeeffadhe, gadin bu'e, ammas nan sigigaadhe. Fuula koo dura, yeroo inni suuta ejjetaa deemu, dhaga'uu dandeessu. Argitanii, inni mukoota rukuchaa waan tureef isa hordofuu hin dandeenye. Argitanii, qaroo ta'e, mukaa yaabbatee muka irraa gara mukaatti utaalaa ture. Achii akkan isa hin hordofne nan bare. "Oo, maalumaafuu!" Oo, nan yaade

120 An gara tulluuwwaniitti deebi'uun jalqabe, akka qarambullee, qarambullee dhiirri tokko akka jirun foolii fuudhe. "Amma isa nan argadha, gurbaa, sun gaarii dha," jedheen yaade! Ammas fooliin fuudhe, xiqqoo fuuldurattin deeme, mallattoowwan hundaa fi wantoota hunda nan ilaale. Homaa arguu hin dandeenye; gara duubattin deebi'ee, akkasumas tulluu gama irraan nan bu'e. Akkasuma sana booda hubachuun jalqabe, xiqqoo huurrii natti ta'e. Ammas fooliin fuudhe, qilleensa irra bakka ta'e jira. Akkasin jedhe, "Lakki. Amma, maaltu ta'e, bubbeen karaa *kana* dhufaa jira, nan dhufee... Fooliin amaaketaa as irraan gadii karaa *sana* gadi bu'aa ture, akkasuma anis amma naannootti nan ce'e bubbeenis kallattii biraatiin dhufaa jira. Kanaaf bakkan kallattiin sardiidicha foolii fuudhe yeroo jalqabaa nan dhaqe, achiis nan fudhadhan jedhe."

121 Akkasuma karaa kootti deebi'aa, kaaniyaan gammatti nan ilaale, micireewwan yoo socho'an nan arge. Yeroon akkas godhu, wanti gurraachi socho'e, "Achi jira" jedheen yaade. Ani rasaasa tokko qawwee keessan kaa'e, dafee, ammas nan dhaabbadhe. Kunis, yeroo ta'u, inni maallaqa guddaa ture, baay'ee guddaa dha. "Maalumaafuu, sun wantan baadu," jedheen yaade. Rasaasa nan dhukaase.

122 Kanan yaade, "Tole!" Ani akka kana akka ture hin hubanne... Yeroo ani argadhe isa sirreeffadheen, illale... harka koo qulqulleeffadheen billaa koo qopheeffadheen, deebise. Nan yaade, " Waaqayyo galateeffami! Sin galateeffadha, Gooftaa Yesus, Ati foon gannaa koo naaf kennite. Galanni Waaqayyoof haa ta'u!" Anis qawwee koon fudhadhe. Akkas jedheen yaade, "Amma kaaniyaanitti ol nan deebi'a." Anis, "As ilaali, gurbaa, obonboleettiin dhufaa jira. Asii ba'ee gara Meedaa fi gara isaanii deemuun qaba." Anis, "Ariifachuun qaba" jedheen.

123 Tulluun deeme irratti, kootii koo diimaa nan yaadadha, akkasumas akka *kanatti* naannoo kaaniyaanitti ol fiigaan ture. Dursa wanti beekuu qabdan, akkasittin yaade, "Maay, eessattan bade?" Bubbichi dursee bu'ee ture, mukeetiin wal irratti kufaa turan. Nan yaade, "Ani eessattan bade?" Nan naanna'e. Ani—ani kallattiin gara Tulluu Hariikan akkan deemu bareen ture. Garuu tasa nan dhaabbadhe, ani immoo dafqaan ture. Ani nan yaade, "Rakkoon as jiru maali? Ani sa'a walakkaa, ykn ruubii sadii deemera, anis bakkan dhiisee dhufe hin arganne." Ani nan ilaale, achittis kuruphee koo nan fannise. Ani bakkuma tokkon ture. Ani nan yaade, "Tole, malan godhee?"

124 Tole, ammas nan ka'e. Ani nan yaade, "Amma nan raawwadha, qofa ani hin hubanne ture." Ani sochii xixiqqoo achi jiru hunda nan ilaale, nan hordofe. Barbaadaa, barbaadaa, barbaadaa ittin fufe. Duumessi dhufaa jira, obonboleettiin cabbii karaa irra akka ture nan beeka, huurriin fannifame gadi bu'aa, sana boodas hubachuun jalqabe. Nan yaade, "Xiqqoo durattin deema," itti fufee, fufee, fufee, fufee, fufee, fufee, fufeen deeme. Anis nan yaade, "Tole, kun keessumaa dha, karaa kana dura waanan arge fakkaata." Anis nan ilaale, kuruphee koos nan fannise. Argitanii?

125 Maal irra akkan ture beektuu? Isa warri Hindii akkas jedhu "deemsa du'aa." Argitanii, geengoo deemaa jirtu, naannawaa naannawaa. Tole, ani yoom iyyuu kan hin banne Gaggeessaa gaarii jedheen of yaada ture. Argitanii, bosona keessatti kan natti himu na hin barbaachisu, karaa koo nan beeka. Argitanii?

126 Anis lammaffaan jalqabe. Akkasin jedhe, "Ani dogoggora kana gochuu hin danda'u." Deebi'ee nan dhufa.

127 Ani xiqqoo gara tulluutti ol nan ba'e, sana booda bubbeen bubbisuu jalqabe. Oo, maay, bakka hundatti cabbii! Gara dukkanaatti jechuun ni danda'ama. Meedaanis galgala sana lafa onaa keessatti akka duutu beekeen ture, akkamitti akka ofii ishee kunuunsitu hin beektu. Akkasuma Biiliin naannoo waggaa afurii, waggaa sadii, waan xiqqoo tokko ture. Ani nan yaade, "Isaan akkam godhu laata?" Tole, hanga asiitti dhufeera akkasumas marga ciisaa tuqeen, nan yaade, "Ani godaa wayii irra bakka ta'en jira, waan tokkoyyuu arguus hin danda'u, hundi huurrii dha." Amma naanna'aan jira.

128 Akkuma barame, ani osoon nama qabaadhee iddoo argadhee nan qabadha ture. Obomboleettiin hanga dhaabatutti guyyaa tokko, ykn lama hanga darbutti eegaan ture, achiis nan ba'a ture, bosonuu koo kukkutee, dugda koo irra kaa'ee, galee, nyaadheen, waa'ee isaa nan dagadha. Garuu sana gochuu hin dandeessan haati manaa fi daa'imni bosona sana keessa rafanii, badaa jiru. Argitanii?

129 Kanaaf yaaduun jalqabe, "Maal gochuun danda'a? Kanaaf xiqqoo fagaadheen deeme. Anis nan yaade, "Amma, eegi. Sulula isa jalqabaa yeroon qaxxaamuru, bubbeen sun na fuuldura ture, karaa kana dhufuun koo hin hafu. Karaa kanan dhufe ta'uu qaba." Garuu eessa akkan jiru hin beeku, hanga naannoo Jiyaantotaatti jooraan ture. "Oo!" Jedheen, dhiphachuu jalqabe. Anis nan yaade, "Biili, daqiiqaa tokko eegi, ati hin bannee," of gowwoomsuu yaalaan jira. Lakki, lakki. Sun qilbii keessan keessaa akka dogogortan isinitti hima.

130 Oo, isin—akkas jechuu yaaltu, "Oo, waanan waldaa deemuu, ani fayyeera." Hin dhiphatinaa, hanga sireen du'aa dhufutti eegaa, akka adda ta'e yeroo sana argitu. Kessi keessan isinitti hima. Wanti tokko keessa keessanii akka dogoggortan isinitti

hima. Argitanii? Yoo duutan Waaqa qulqulluu argachuu akka hin dandeenye beektu. Kaleessa galgala akkuma Isa ilaallee, Isa dura dhaabbachuuf Ergamoonni qulqulloonni illee fuula isaanii haguuggachuu qabu. Dhiiga Yesus Kiristoosiin osoo isin hin haguugin akkamitti dhaabbattuu?

131 “Oo, nan raawwadha,” jedheen yaade. Nan jalqabe. Akkan Waan tokko dhaga’e nan hubadhe. Achii nan dhiphadhe. Nan yaade, “Amma, yoon sana godhe, ani bullaa’ee baduufan jira.” Yeroo baay’ee namni bade kanuma, inni bosona keessatti bullaa’ee bada. Qawwee isaa fudhatee, ofitti dhukaase of ajjeesa; ykn boolla irratti kufee, miilli isaa ni caba, akkasuma achitti kufee achumatti du’a. Ani nan yaade, “Maal godhu?” Kanaaf deemuun jalqabe.

132 “Ani rakkoo kee irratti Gargaaraa kee ti,” kan jedhu anis deddeebi’een Waan tokko dhaga’uu eegale. Calliseen karaa koo itti fufe.

133 “Amma, akkan badaa jiru xiqqoo naaf gale, Sagalee natti dubbatu dhaga’aan jira,” jedheen yaade. Deemsa koo ittan fufe. Nan deeme, “*waaw*, *waaw*, *waaw*,” beektuu, ni foorica. Nan yaade, “Amma, ani hin banne. Eessa akka jirtu beekta mitii, gurbaa! Rakkoon kee maali? Ati baduu hin dandeessu. Ati—adamsaa cimaa dha, baduu hin dandeessu.” Ofiin-boonuu, beektuu, ofiinan of gowwoomsaa ture.

134 Gowwoomsuu hin dandeessan. Karaa gadii *kana* konkolaataan tokko naanna’ee, akkas jedha, “Gurbaa, akka badde beektaa ati baddeetta. Argitee, ati baddeetta.”

135 Ani sochii koo ittan fufe. “Oo, ani hin banne! Ani nagaan ta’a. Karaa ba’insaa nan argadha.” Wantoota nama kofalchiisu fakkachuu jalqaban, bubbeen dhi’aachaa jira. Cabbiin socho’uu eegaleera, cabbii hoominii xiqqoo, “gadi tutufa” jenna. Nan yaade, “Haadha manaa koo fi mucaa koo! Ani hin ta’u . . . ” Nan yaade, “Oo, maay!”

136 Ammas deebi’ee kallattiin Sana nan dhaga’e, akkas jedhe, “Ani rakkoo si mudate keessatti Gargaaraa kee ti.” Ani yeroo sanatti tajaajilaa Wangeelaan ture, asuma godoo qulqullaa’aa kana keessatti lallabaan ture.

137 Kanaaf nan yaade, “Tole, maal gochuun danda’a?” Dhaabadhee, bakka hundaan ilaale, huurriinis dursee gadi bu’ee ture. Ani . . . Sana ture. Yommus homaa gochuu hin dandeenye. Nan yaade, “Oo, ani maal gochuun danda’aa?” Nan yaade, “Fira koo, ani jiraachuuf ga’aa miti, miira baay’ee ofitti-amanuu nan qaba ture. Ani adamsaa dha jedheen yaadee ture, garuu miti.”

138 Obboleessa, yeroo hunda, Isa nan amana. Dhukaasuutti, ani riikardii galmeessiseera. Qurxummii qabuu irratti, ani dandeettii hin qabu, garuu ani Isa nan amana. Dhukaasa, ani dhukaasaa dadhabaa dha, Inni garuu rikardii addunyaa

na cabsisiise. Argitanii? Kanan bosonuutti Dhukaasu, yaardii torba, dhibba sadeet irratti dha. Qawwee fudheen soddomii-shananuu osoon hin dogoggorin mataa isaanii keessa rukuteen ajjeese. Sana qofa eessumattuu dubbisaa, yoo dandeessan. Argitanii? Ana miti, Isa dha. Ani Isa amanadheera.

Achi taa'ee garuu, akkas jedheen yaade, "Maal godhu? Maal godhu?"

139 Ittan fufe. . . Sun dhi'aachaa, dhi'aachaa dhufe, "Ani yeroo rakkina kee Garagaaraa kee ti, Gargaaraa kee."

140 "Kan natti dubbachaa jiru Waaqayyoo dhaa" jedheen yaade? Kofiyyaa of irraan fuudhe. Kofiyyaa Paatiroolii, maarrabiin diimaa itti maramee ture. Lafan kaa'e. Kootiin koos jiidhaa waan tureef, of irraan baase. Kootii koo lafa kaa'een, qawwee koo mukattin irkifadhe. Akkasin jedhe, "Yaa Abbaa isa Waaqa irraa, amma anaa ol ta'aa jira, Sagalee dubbatu dhaga'aan jira. Inni Si'ii?" Akkasin jedhe, "Yaa Gooftaa, adamsaa akkan hin taane sittan hima. Ani miti, karaa—koo argachuu hin dandeenye. Ati na gargaaruu qabda. Ani jiraachuuf ga'aa miti, wantootan hojjechaa turen deebisee hojjechaa jira, as dhufee waa'ee baduu baay'ee kanan beeke yaadaan jira. Na barbaachifta Ati, Gooftaa. Haati manaa koo dubartii gaarii dha. Mucaan koo, mucaan koo inni xiqqaan, haati isaa duutetti, isheen isaaf haadha ta'uuf yaalaa jirti, anis nan fuudhe. Isheenis kunoo ti, mucaan tokkos, bosona keessa jiru, lachuu galgala kana du'u. Qorri isaa, zeeroo gadi gara kudhaniitti gadi bu'a, akkamitti akka jiraatan hin beekan. Isaan galgala kana du'u. Du'atti isaan hin dhiisin, Waaqayyo. Du'uu dhiisuu isaanii akkan argu, gara isaanii na geessi. Ani badeera! Ani badeera, Waaqayyo! Ani—karaa argachuu hin dandeenye. Maaloo Ati na hin gargaartuu? Of-jaallachuu koofis dhiifama na godhi! Ani Si malee homaa gochuu hin danda'u, Ati Gaggeessaa koo ti. Ati na gargaari, Gooftaa."

141 Anis ol ka'een, "Ameen," jedhe. Maarrabii koo ol kaaseen; kootii koos, ol fudheen; kofiyyaa koo deebiseen keewwadhe; qawwee koos olan fudhe. Akkasin jedheen, "Amma ani hangan beeku sana deemuun of sirreesseen, hanga naaf danda'ame hunda; kallattiin karaa tokkorran deema, 'sababni isaa eessa akka ta'e yoon wallaale illee, bakka ta'e geengoo nan deema. Garuu karaa Ati naan jetten deema, Waaqayyo Gooftaa, Gaggeessaa koo."

142 Ani karaa *kanan* deemuu jalqabe. Akkasin jedhe, "Kun isa, anis isa of amansiisuun qaba. Karaa *kanan* deema. Ani karaa *kana* kallattiinan deema. Ani hin jijjiiru, karaa *kanan* deema. Sirrii akka ta'e beeka. Karaa *kanan* deema." Ani osoon karaa sanaan deemee, Kaanaadaan deema ture. Argitanii?

143 Qofa gateettii koo irra Wanti ta'e yeroo na tuqu natti dhaga'ame, harki, akka harka namaatti natti dhaga'ame, kanaaf,

dafeen ilaaluuf garagale. Namni dhaabbate tokkoyyuu hin jiru. Ani, "Sun maali" jedheen yaade? Kunoo Macaafni Qulqulluun na dura kaa'ameera. Waaqayyo, Gaggeessaan koo Abbaan Murtii, as dhaabbatee jira. Ol jedheen ilaale. Karaa *kana* sirriitti, Tulluu Hariikan irra gamoo jiru hamman argutti huurriin sun haxaa'ameera. Karaa faallaa isaa deemuu, dandeettii koo adamsuu isa filatamaa, ani isa irraa fagaadhee deemeen ture, sana booda sirriitti galgala ta'ee dhi'e. Ani dafeen garagale, *akkasitti* of geggeessuun nan naanna'e. Kofiyyaa koo qabadhee harka koon ol kaase, akkasin jedhe, "Na Gaggeessi, Waaqayyo, Ati Gaggeessaa koo ti."

144 Nan eegale. Ani kallattiidhaan gara bilaafis deemuun qaba ture wanti hunduu achi kan ga'u, booda fi booda. Achii ni dukkanaa'e. Bosonuuwwan na dura utaalu turan, wanti hunduu. Ani karaa tokko irra deemuu malee waan biraa yaaduu hin dandeenye, hanga mataa tulluu irratti.

145 Gamoo bira ga'uu yoon danda'e, Obbo Deentan ani . . . ji'a arfaasaa irratti sarara ibsaa diriirsuu nan gargaara ture. Tulluu Hariikan irraa jalqabnee hanga maayilii sadii fi walakkaa ykn afur kan jiru, nuyi shiboo silkii karaa hundaa diriirsine, hangaa kaampii gadiitti. Karaa dhiphaa immoo gadi bu'a, garuu, achi cabbiin waan jiruuf, karicha gargar baasuu hin dandeessan. Argitanii? Deemuudhaaf, bubbeen bubbisaa jira wanti hunduu, dukkanaa fi obonboleettii ture, eessa akka jirtan hin beektan. Tole, erga dukkanaa'ee, wantan gochuu qabu qofa, hin beekun ture . . . Karaa tokkoon ol gara tulluutti, akkan deemaa jiru nan beeka. Sababni isaa ani gara tulluutti ol ba'uu waanan qabuuf, akkasumas gamoon sun fiixee tullu irra jira, isa bira ga'uufis maayilii ja'a natti fudhata ture. Mee yaadaa, qaawwa tokko qofaan, maayiloota ja'a, huurriin sun duubatti qulqullaa'e, hangan ilaaluu danda'utti!

146 Achii—qawwee koo harka *kana* irratti fannifadheen, harka koo *kana* immoo olan kaase, 'sababni isaa sarara silkii gara godootti, kirrii shiboo gara gadiitti deemaa jiru kan—hojjette ana ture, kanaaf haadha manaa isaatti akka dubbatu, achuma tulluu irraa, bilbiluu akka danda'u dha. Kufaatii sanas akka injifatu isa gargaarufan ture. Anis harka koo *kana* ol kaaseen, akkas jedhe, "Yaa Waaqayyo, sarara sana akkan tuqu naaf eeyyami." Deemmiidhaan, dhukkubbiin gateettii kootti dhaga'ame, nan dadhabe, sirriitti qabachuu hin dandeenye, gadi buusuun qaba ture. Qawwee geeddaradheen *achuma* keessan kaa'e; akka najala hin darbine mirkaneeffachuuf tarkaanfii lama duubattin deebi'e, achii harka koon ol kaase, deemuun jalqabe, deemuu. Barfataa jira, dukkana, bubbeenis bubbisaa jira. Oo, damee nan tuqa, akkasin jedha, "Inni sana! Lakki, sun isa miti." Oo, ni kenna . . . Akka sagalee hin mirkanoofne kennu hin eeyyaminaa.

147 Yeroo muraasa booda, yeroon dhiisuu ka'u, harka koo waan ta'e rukute. Oo, maay! Ani yeroon bade, nan argame. Ani shiboo

sanan qabadhe. Qawwicha gadin gate, kofiyyaa koo mataa irraa fudhee, achii immoo nan dhaabbadhe. “Yaa Waaqayyo, erga badanii argamuun, miira akkamiitii,” jedheen. Akkasin jedhe, “Hamma xumura shiboo kanaatti, gonkumaa akka badu hin godhu. Shiboo kanan qaba dha. Inni kallattiin achitti na gaggeessa, lafa kana irratti kanan jaalladhu hunduu gara iddoo taa’utti. Haati manaa koo fi mucaan koo, sodaadhaan, eessa akkan jiru hin beekani, ibiddi akkamitti akka uuman hin beekani, maal akka godhan hin beekani, bubbeenis bubbisaa jira, dameewwan mul’atanii muka irraa kufu.” Ani shiboo sana gadhiisuu hin baibaanne. Adunyaa irratti qaalii kan ta’e hundaa gara kan koo ta’etti hanga na geggeessutti shiboo sana nan qabadhe.

148 Sun muudannoo suukanneessaa ture, ani karaa ba’umsaa argachuuf muudannoo ulfaataa ture, garuu walakkaa isaa hin geenye. Yeroo tokko cubbuudhaan badeen ture. Ani Waan ta’e tokko argachuuf, waldaa irraa gara waldaattan joore. Ani gara Adveentistii-gayyaa Torbaffaa deemeen, akkas naan jedhan, “Sanbata kabaji, foon nyaachuu dhaabi.” Ani gara waldaa Baaptistii, waldaa Baaptistii ishee jalqabaa nan deeme, inni akkas jedhe, “Ati ka’ii Yesus Kiristoos Ilma Waaqayyootti akka amantu isaanitti himi, ani immoo sin cuupha, inni kanuma.” Homtuu achi hin turre. Garuu guyyaa tokko, dhagaa kasalaa xiqqoo tokko keessaatti, harka koo ol kaaseen, Ani Waan ta’e tokkon qabadhe; ykn, tarii Waatu na qaben, jedha. Inni sarara Jireenyaa, Geggeessaa ture. Inni hanga kana nagaan na gaggeesse, harka koo shiboo sana irraa hin kaasu. Harkoota koo gara Isaatti qabadheera. Mee dhaabbileen amantii, beeksisa amantiis waan barbaadan haa hojjetan, ani Gaggeessicha qabadheera. Lafa irra kan turee fi Waaqa irra kan jiru hunduu, anaaf yoomiyyuu qaalii dha, xumura Sararichaatti argama. Inni hanga kana nagaan na fideera, ani karaa hafe irrattis Isa nan amana. “Inni Hafuurri Qulqulluun yoo dhufu, Inni si geggeessa gara hundumaa isin geeessa . . . ”

149 Hiriyoota koo, bakkan har’a ga’e kan na geessise Isa. Kan ani ta’e naaf taasiseera. Gammachuudhaan Isa isin beeksisuu nan danda’a. As lafa irratti ykn Achi irratti, waa’ee waan hundaa kan beeku Gaggeessaan tokkichi isa qofa. Yeroon adamsu Inni Geggeessaa koo ti. Yeroon qurxummii kiiyyeessu Inni Geggeessaa koo ti. Yeroon Namatti dubbadhu Inni Geggeessaa koo ti. Yeroon lallabu Inni Geggeessaa koo ti. Yeroon rafu Inni Geggeessaa koo ti.

150 Yeroon du’uuf dhufus, Inni laga irra dhaabbata. Inni karaa na ceesisee na geggeessa. “Ati na waliin waan jirtuuf, hamaa hin sodaadhu. Uleen Kee fi dhadhaabbanni Kee, na sirreessu akkasumas laga ceessisanii na geggeessu.”

Mee haa kadhannu.

151 Yaa Abbaa Waaqa irraa, waa'ee Geggeessaa nan galateeffadha, Isa Tokkicha kan na geggeessu. Oo, yeroo tokko tokko, Abbaa, ani naannoo kootti Isa dhaga'u hin danda'u, nan sodaadha. Laga irratti sa'aatii kam irratti akkan fiigu waanan hin beekneef akka Inni natti dhi'aatun barbaada. Inni akka natti dhi'aatun barbaada. Yomiyyuu na hin dhiisin, Gooftaa. Ani dubbachuu hin danda'u, lallabuu hin danda'u, adamsuu hin danda'u, galaanaa irraa qurxummii qabuu hin danda'u, konkolaataa koo oofuu hin danda'u, Si malee homaa gochuu hin danda'u. Ati Gaggeessaa koo ti. Gumii kanatti akkas dubbachuun koo hangamin gammada, kana hundumaa keessatti akkamitti akka Ati na gaggeessite, akkamitti akka Ati na fidde!

152 Ani yeroo darbe yaadaan ture; waggoota muraasaan dura, karaa kana irra dhaabbadhee, kanaaf maatiin koo dogoggora waan godhaniif, namni tokko na hin dubbisu. Ani tokkummaaf kophaa koon ture. Eenyumtuu na waliin maal iyyuu gochuu hin barbaanne. Isaan akkas jedhan, "Abbaan isaa seeran ala." Gooftaa, namni tokko illee, akka natti hin dubbannen arge. Namoota nan jaalladha. Garuu guyyaa tokko yeroon Sarara sana qabadhe! Gooftaa, amma natti fakkaata, xiqqoo sigagaadhee boqonnaa argachuuf gara lafa onaatti ba'uun qaba. Maal godhe? Eenyummaa miti, barnootas miti; homaa hin qabu. Garuu Si ture, Waaqayyo. Ati, Waaqayyo. Ati akeeka zeeroo naaf kenniteetta, Qurxummii isa guddaa akkan qabu Ati naaf eeyyami, sababni isaa akkan sana gochuu barbaadu Ati beekta. Ati abboolii fi haadholii naaf kenniteetta. Ati obboloota dhiiraa fi dubartootaa naaf kenniteetta. Fayyaa naaf kenniteetta. Haadha manaa naaf kenniteetta. Maatii naaf kenniteetta. Waaqayyo, Ati Geggeessaa koo ti. Harka Kee akkan qabadhu na gargaari, akkan gadi dhiisu gonkumaa hin eeyyamin. Harki tokko yoo dadhabe, harka koo nan geeddara. Yaa Waaqayyo, na gargaari.

153 Ammas yaa Gooftaa, as kan jiru hundi sarara Jireenyaa isuma sana haa qabatu, Hafuura Qulqulluu isa Jireenya keenya ta'e, qabeenya isa Jireenya-kennu. Biyya gammachuun itti argamutti hunda keenya Inni nu haa geessu, dadhabbiin jireenya xumuramee lafa irratti hojiin keenya ni raawwata, achii dulloomuun, dadhabiin namootaa hin jiru, dadhabe nuffe hin jedhani, kana booda boo'ichii fi kadhachuun hin jiru, waamichi aarsaa hin jiru, achitti garuu bara baraan dargaggeessa taana, dhukkubnii fi gaddi hin jiru. Cubbuun lammataa hin jiraatu, baroota dhufan hunda keessatti qulqullummaa Waaqayyoo keessa jiraanna, karaa Bara Baraa addaan hin cinne. Nu kenni, Abbaa.

154 Ammas, Abbaa, as keessaa sarara Jireenyaa sana kan hin argatin yoo jiraate, amma Isa haa argatan. Hafuura Qulqulluu Isa na geggeesse. . .Anis garaa koo irraa dubbachuu nan danda'a, Dubbii Kee irra harka koo osoo jiruu, Inni yeroo hunda

sirrii dha. Yeroo baay'een dogoggore. Garuu Inni sirrii dha. Inni ana wajjin akka turu godhi, Gooftaa. Anis Isa wajjin akkan turu na godhi. Warri kaan as kan jiran, galgala kana Isa warri hin beekne, harka Isa hin jijjiiramne akka qabataniif, isaan sanaan haa gaggeeffaman.

155 Akkasumas gaaf tokko gara lagaatti ol ba'aa turre. Ganama sanas, huurrii ta'aa jira ture. Galaanni durii ni iyya, Yordaanos durii, warri cabsan ni bullaa'u, duuti jireenya nu keessaa hudhee baasuuf dhama'a. Garuu, Waaqayyo, ani—hin sodaadhu. Yeroo dheeraa dura ani sirreeffadheera. Akka loltuu tokkootti, gonfoo sibiilaa, of irraa baasuun barbaada, Sararichi garamitti akka na geggeesse baruuf karicha gara duubattin ilaale. Lafa onaa ani keessa darbe hunda, qoree arangamaa hunda, akkasumas tuullaa dhagaa na madeessan hunda ilaalaa, garuu Sarara qabadheera. Akkuma Isin jettan; walaleessaan akkas jedheera,

> Gariin bishaaniin, akkasumas gariin lolaadhaan,
> Gariin qorumsa gadi fagoo keessa, garuu hunduu Dhiigaan darbaniiru.

Anis *Kana* fudhachuun barbaada, Billaa durii as jiru, karaa irratti kan na eege sana, Isa gara qola Isaatti deebiseen galcha, nan iyya, "Abbaa koo, bidiricha ergi galgala kana, ani gara Manaa nan dhufa." Ati achi jirta, Gooftaa. Ati kakateetta. Ati hin kuftu.

156 Amma kan as jiru hunda eebbisi. Sarara shiboo kana akkamitti akka qabatan, fi Isas yoo tuqanii hin beekne, harkoota qulqulluu amma ol ka'an, harkoota barbaadan, harkoota fedhan, gara fedhii garaa isaanii, nagaa fi itti quufinsa guutuu, gara Kiristoosiin boqochuutti kan isaan geggeessu sarara Jireenyaa haa tuqan.

157 Mataa keenya gadi qabannee, harka keenya ol kaafnee akkas jenna, "Naaf eeyyami. Harka koo qabi"? Oo, Waaqayyo isin haa eebbisu.

> Karichi yeroo sodaachisaa ta'etti, gara Gooftaa jaallatamaatti, nan dhiyaadha,
> Yeroo jireenyi koo baduutti dhiyaatu;
> Lagicha irra nan dhaabbadha,
> Miila koo geggeessi, harka koo qabi,
> Harka koo qabi, Gooftaa jaallatamaa, na geggeessi.

158 Akkas jechaa, harka kan ol kaasu namni biraa jira ta'a, "Gooftaa, galgala kana sarara Jireenyaa tuquun barbaada. Kiristoos cubbuu koo akka naaf dhiise akka natti dhaga'amun barbaada, anis ammaa kaasee dhaloota haaraa ta'uun barbaada kan jedhu jira ta'aa"? Waaqayyo isin haa eebbisu. Kan biraa akkas kan jedhu jiraa, "Ani Sin tuqa, Gooftaa. Akkan of ganu eeyyami"? Gooftaan si haa eebbisu, obboleettii. "Ofan

gana, Si keessatti, nan argadha, Gooftaa." Waaqayyo isin haa eebbisu. Waaqayyo isin haa eebbisu. Sun sirrii dha. "Ofan gana, Gooftaa. Akkan irraanfadhu naaf eeyyami." Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessaa. "Naaf eeyyami . . ." Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii. "Beekkumsa koo akkan ganu naaf eeyyami." Gooftaan si haa eebbisu, obboleettii. Wantoota namtolchee hin amanatinaa. Isin Geggeessicha hordofaa, Inni gara Dhugaa hundumaatti isin gaggeessa. "Na geggeessi, Gooftaa Yesus, na gaggeessi." Duuba irraa Waaqayyo isin haa eebbisu. Oo, fayyuu kan barbaadu, harkoonni baay'een ol ka'aniiruu. Amma osoo nuti . . .

159 Iddoo aarsaa asitti, iddoo aarsaa jedhamuu hin danda'u, sababni isaas namoonni bakka hunda taa'anii jiru. Garuu Inni sirriitti achi jira. Gaarii fi bay'eessaa beektu, yeroo harka keessan kaaftan, garaa keessan keessatti wanti tokko ta'eera. Yesus akkas jedhe, "Kan Dubbii Koo dhaga'u Isa Na ergettis kan amanu, Jireenya bara baraa qaba." Akkas jechuu keessanii? Sana booda kuussaan bishaanii asii bishaaniin guutameera. Cuuphaaf yeroo dheeraa ni qabaanna. Mee haa kadhannu.

160 Abbaa keenya Waaqarraa, galgala kana sagalee korrisu kanaan Ergaa xiqqoo ca-cabe kana, Hafuurri Qulqulluun bakka ta'e tokko dhaquu hin hafu. Gara yaadame Inni deemeera, baay'een isaanii immoo, Gooftaa, har'a galgala, kudha shan ykn digdama ta'anii harka isaanii ol kaasaniiru, Geggeessaan sun isaan barbaachisa. Of gowwoomsuu isaanii hubataniiru. "Ani nagaa dha," jechuu yaalaa jiru garuu keessa isaanii nagaan akka hin jirre beeku. Gooftaa, akka Ati isaan dhageessitu barbaadu. Geggeessaa barbaadu. Galmaa'uu barbaadu. Ati gonkumaa isaanitti hin baay'attu. Deemicha kanaaf galmaa'uu barbaadu. Akkamitti akka achi ga'an hin beekan. Akkamitti akka achi isaan geessu kan beeku hin jiru; Si Tokkicha qofa. Isaan gara Geggeessaa Waaqayyo qopheessetti dhufaa jiru, gara Hafuura Qulqulluutti. Harka ol kaasaniiru.

161 Yaa Hafuura Qulqulluu fi Geggeessaa, isaan irratti bu'i. Cubbuu hunda dhiisiif. Yakka isaanii dhiisiif. Gara Qaama Kiristoositti isaan geessi galgala kana, bakka yaa'a Waaqayyoo Sarara shiboo sana keessa darbuun isaanitti haa dhaga'amu kunis gara Yordaanositti gadi isaan buusa, Yordaaanosiin gamattis gara Lafa kakuutti isaan geggeessa. Sagalicha duubaan kallattiin haa hordofan. Dubbichi, "Yaada garaa keessanii geddaradhaa, akkasumas Maqaa Yesus Kiristoositti cuuphamaa" jedhe. Karaa biraa hin yaalinaa. Isaan Sagalicha duubaan haa hordofan, Inni isaan geggeessu Tokkicha dha. Sun—hamma Geggeessicha qabachuu dandeenyutti sadarkaawwan ol ba'uu qabnu dha. Gooftaa, nuuf kenni. Isaan kan Kee haa ta'an. Akka badhaasaatti harka Kee keessa jiru, eenyullee isaan hin butu. Akka namoota fayyanitti, akka Ati isaan fudhattu nan amana. Harka isaanii akka ol kaasan

nan amana, Waan tokko itti dubbattu malee ofuma isaanii akkas gochuu hin danda'an turan. Hafuurri Qulqulluu fi Gggeessaan, Si ture.

162 Yerichi akka dhi'aate, duumessis gara lafaatti dhufaa akka jiru arganiiru, beeksisa amantii gurguddoo—fi wantoonni yoo ta'an, waldaaleen walitti dhufaa, tokkummaa'aa jiru. Yaa Waaqayyo, akkamitti, "Amala addaa kan qabu hunduu as dhiisee gara Alaaskaa deemuu qaba," jechuu yaalu. Wantoonni kun hunduu isaan isin sodaachisu, nu'iif haaraa miti, Geggeessaa guddaa sana Dubbichaan nu agarsiiseera. Kutaa Isaa keessa kan darbaa jirru tokko qofa.

163 Waaqayyo Abbaa, galgala kana Ati isaanitti dubbateetta, anis akka badhaasawwan Sagalichaatti isaan Siif kenneera. Maqaa Yesusiin.

164 Amma, as teessoo kana irra kan taa'an, Abbaa, maarrabii kadhannaa dha, namoota dhukkubsataniifi, daa'ima xiqqaa tokko, tarii, haadha tokko, obboleettii tokko, obboleessa tokko; isaan keessatti hidhaan rifeensa mataa illee qabameera. Amma immoo ofitti nan dhi'eessa. Amma, Macaafa Qulqulluu keessatti isaan qaama Phaawuloos irraa wayyaa fi marata akka fudhatan baranneerra, namoonii dhukkubsatan fayyaniiru, hafuuronni xuraa'oon namoota keessaa ba'aniiru. Gooftaa, Phaawuloos nama akka ture, nama qofa akka ture, hubanneerra. Garuu inni marrabicha eebbise sun dibata Hafuura Qulqulluu isa irra ture dha, namoonnis amantii isaaniitiin inni ergamaa Keeti jedhan. Phaawuloos nurraa fudhatameera, garuu Geggeessaan hin fudhatamne, Inni ammayyuu as jira. Gooftaa, maarrabiiwwan kana akka Ati eebbiftu, nan kadhadha, Geggeessichi gara bakkichaatti isaan geggeessa, guutuutti booji'amu.

165 Isiraa'eel Geggeessaa isaanii hordofanii, gara Yordaanositti gadi bu'uun isaanii akkuma himame, kallacha (osoo hin ta'in) gara Galaana Diimaatti gadi bu'an. Sarara dirqamaa irra dhaabbatanii turan, Geggeessichis achi isaan geesse. Maali? Ulfina Isaa mul'isuufii. Yeroo abdiiwwan hunduu dhuman, Waaqayyo Utubaa Ibiddaa keessaan ilaale, galaanni du'aa dulloomtuun sun illee sodaattee gara duubaatti baqatte, Isiraa'eeliif gara lafa abdachiifameetti akka deemaniif karaan hojjetameefi.

166 Dhugumaa, Gooftaa koo, Ati ammayyuu Waaqayyo isuma sana. Namoonni kun tarii Kiristaanota ta'u, tarii isaan karaa dirqamaa keessa jiru ta'a, garuu isaan gara bakka dhukkubni isaan dhiphiseetti gara dhiphinaatti dhufan. Galgala kana Dhiiga Yesus ilaalaa, seexanni sana ni sodaata, inni deebi'ee sokka, ijoolleen Kee immoo gara kakuu nagaatti darbu. Isa nuuf kenni, yaa Abbaa. Foon koo irraa gara isaanitti, Maqaa Yesusiin nan erga.

167 Gumii kana Si durattan dhi’eessa, amantiin gara iddoo aarsaa Waaqayyoo isa ulfina qabeessaa Waaqa irra jirutti isaan nan fida. Miira dhukkubbaa hundaa, rakkoo isaan qaban kamiyyuu, bakka kamittuu waan isaan rakkatan hunda, Waaqayyo, isaan qulqulleessi, kan Kee isaan godhadhu. Isaan fayyisi, Abbaa. Humni Yesusiin awwaala keessaa kaase sun immoo, qaama isaanii du’u Kiristoos keessatti jabeessee uumama haaraa haa godhu. Akka Si tajaajilan fayyummaa gaarii fi jabina isaaniif kenni.

168 Yaa Gooftaa, na yaadadhu. Ani garbicha Kee ti. Kadhannaa barbaadee dhaabadheen jira, na gargaari. Hafuurri Qulqulluu akka nu geggeessu fi nutti fayyadamu nan kadhadha, akkasumas Dhufaatii Isaa kabajamaa Yesus Kiristoosiin fuula fuulatti hamma arginutti nu geggeessi yeroo ol Butamuu irratti qilleensa irratti Isa wajjin wal arginu. Maqaa Kiristoosiin kadhanna. Ameen.

Ani Isa nan jaalladha, ani . . . (Isinoo?)
Dursee Inni waan na jaalateef
Fayyina koos biteera
Muka Qaraaniyoo irratti.

169 Amma, isin kan wal argitan walii walii keessan jaalachuu yoo baattan, akkamitti isin Isa hin argine Isa jaallatuu? Amma yeroo *Ani Isa Nan Jaalladha* jennee fararfannu, garaadhaan naannoo keenya harka haa fuunu.

Ani Isa nan jaalladha . . .

Waqqayyo isin haa eebbisu . . . ? . . . Waaqayyo isin haa eebbisu . . . ? . . . Waaqayyo isin haa eebbisu . . . ? . . . Waaqayyo si haa eebbisu, Obboleessa Neeviil . . . ? . . . Uh-huh. Waaqayyo si haa eebbisu . . . ? . . .

Muka Qaraaniyoo irratti.

Amma harka keenya gara Isaatti haa kaafnu.

Ani Isa nan jaalladha, ani Isa nan jaalladha
Sabani isaa Inni dura na jaalate
Fayyina koos biteera
Muka Qaraaniyoo irratti.

170 Faarfannaa gaarii, tokko dhaga’uu barbaadduu? Ani nan hubadha nuti hojjtaa wangeelaa gaggeessaa faarfannaa kan ta’e as Indiyaanaapoolis irraa qabna. Inni Godoo qulqullaa’aa Kaadlitti faarfata jedheen amana. Sun sirriidhaa? Tole, fira koo. Sun bakki isaa Godoo qulqullaa’aa Kaadili dha. Meeqatu yaadata E.Howaard Kaadil? Oo, maay! Waaaqyoo lubbuu isaa jaallatamtuu sana haa boqochiisu. Akka sinbira samii irraatti, dubartii ani faarfannaa ishee jaalladhe, jireenya koo keessatti faarfannaawwan dhaga’e keessaa kan fooyyofte, kan Aaddee Kadil ture, yeroo faarfattu, “Ganama kana kutaa keetii

baateetta, Har'a Gaachana akka ta'uuf, Maqaa Gooftaa Yesusiin kadhachuuf yaaddeettaa?"

171 Karaa gama sanaa irratti ganama tokko, godoo moofaa kutaa-lamaa xiqqoo tokko keessatti, ani ka'ee, ibidda bobeessuun barbaade. Bakkin itti bobeessu na qabachuu dide. Jalqabuuf immoo yaaleen, bubbeenis dhufee, waanticha fuula koo irratti bittinneesse. Innis qorree ture, anis qorreen ture. Akkasuma lafa hunda irratti cabbii, ani immoo miila koo duuwwaan ture; bakka itti bobeessan xiqqoo dulloomaa kanatti jalqabuuf, ujummoo xiqqoon gubbaa irra jira. Anis qofa . . . anii fi Meedaan erga wal fuunee yeroo dhiyoo ture. Anis yaalaan ture, mukti dulloomaan jiidhaa waan tureef hin boba'u ture, ani achi taa'een ture, Nan yaade, "Oo, maay! Ammas nan yaala. "Hojii deemuun qaba, bakka ibiddaa dulloomaa akka *sana* afarsuun narra ture. Achis ga'ee raadiyoon bane, isheen immoo faarfachuu jalqabde, "Kutaa kee dhiiftettaa ganama kana, kadhachuuf yaaddettaa, Ani qofa lafa irrattin kufe, "Maqaa Yesus Kiristoos Fayyisaa keenyaan, har'a akka Gaachanaatti?" Oo, dubartii sana dhaga'uu akkam akkan jaalladhu!

172 Yeroo tokko tokko laga kana yoon ce'u, Aadde Kadil achi irra taa'ee akkan dhaga'u nan amana. Isin beektuu, yeroo hunda beellaman qabadha. gama laga kanaatti, Muka hin coolagnetu jira, beektuu, Muka Jireenyaa; gama lagichaa kan biraan, faarfattoota Ergamichaatu jira ganamaa fi galgala faarfatoota faarfatan, 'sababni isaa achi halkan hin jiru, guyyaa hunda faarfatu, argitanii. Ani bakka ta'e argadhee gara duubattis deebisee isas nan dhaggeeffa dha. Ani Aaddee Kadil achii yoo faarfattu akkan argu nan amana.

173 Obboleessa keenya Waaqayyo si haa eebbisu. Maqaan dagadhe. Eenyu ture, obboleessaa? [Obboleessi, "Niid Wuulmaan" jedha.—Gulaalaa.] Obboleessi Niid Wuulmaan isiniif faarfata amma. Obboleessa Wuulmaan, galgala kana as dhufuu keetti gammadeera. [Obboleessi Wuulmaan *Ze Chaappil Oof Maay Haart* jedhee faarfata.]

62-1014E Geggeessaa Tokko
Dunkaana Biraanhaam
Jeefarsanviil, Indiyaanaa U.S.A.

OROMO

©2026 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

## Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

Voice Of God Recordings

P.O. Box 950, Jeffersonville, Indiana 47131 U.S.A.

www.branham.org